hojiin aangoos obsa guddaadhaan isin gidduutti godhameera*. 13 Wanta waldoonni kristiyaanaa warri kaan qaban keessaa kan isinitti hir'ate jiraa ree? Wanti isinitti hir'ate yoo jiraate immoo ani ba'aa utnu isinitti hin ta'in hafuu koo ti; balleessaa isa kanaaf immoo hadaraa anaaf dhiisaa*.
**11 11:1,5,16*
**12 6:4-6; Rom 15:19; Ibr 2:4*
**13 11:7-11*

14 Si'a sadaffaa gara keessan dhufee isin dubbisuudhaaf qophaa'eera; garuu ba'aa isinitti hin ta'u. Anoo isinan barbaada malee, waa isin irraa hin barbaadu, warratu ijoollotaaf walitti qaba malee, ijoolleetu warra isaaniitiif walitti qaba miti*. 15 Ani isiniif jedhee waanan qabu hundumaa, ofii koo illee taanaan isiniif dabarsee kennuudhaaf nan gammada; egaa ani baay'isee waanan isin jaalladheef, isin immoo xiinxeessitanii na jaallattuu ree*? 16 Egaa akkan ba'aa isin irratti hin ta'in beekamaa dha, garuu ani haxxee ta'ee, haxxummaadhaan akka waanan harka koo keessa isin galfadheetti hin yaadu. 17 Namoota warra ani isinitti erge keessaa karaa isaa gowwoomsce kanan waa isin irraa nyaadhe isa kam ree? 18 Tiitoos gara keessan akka dhufu gorsee, obboleessa sanaa wajjin ergeera; Tiitoos isin gowwoomsee waa isin irraa nyaateeraa ree? Nuyi hafuuruma tokkoon deddeebi'aa jirra mitii ree? Faanuma tokko irra adeemnas mitii ree*?
**14 13:1; HoE 20:33*
**15 1Tas 2:8; Filp 2:17*
**18 8:6,16-18; 1Qor 16:10*

19 Michoota ko! Hamma ammaatti nuyi waan itti qabata barbaaddachaa turre isinitti fakkaataa? Kana miti! Nuyi isin cimsuudhaaf karaa Kristos fuula Waaqayyoo duratti waan hundumaa in dubbanna*. 20 Yommuun dhufn akka ani itti isin arguu barbaadntti isin hin argu ta'a; isinis akka itti na arguu barbaaddanitti ana hin argitan ta'a. Qoccolloon, hinaaffaan, dheekkamsi, ofittummaan, maqaa namaa balleessuun, dhoksanii nama hamachuun, of bokoksnun, gara-dhabuun isin gidduu jira ta'a jedheen sodaadha*. 21 Deebi'ee gara keessan yommuun dhufu Waaqayyo waa'ee keessaniif gad na deebisee, namoota baay'ee warra kanaan dura xuraa'ummaa, halalummaa, jireenya gad-dhiisii isa itti jiraachaa turan irraa yaada garaa isaanii hin geddaratiniif na boossisuuf jira jedheen sodaadha*.
**19 3:1; 11:16-17*
**20 10:2; 1Qor 1:11; 4:6; Gal 5:19-21*
**21 2:1; 13:2; 1Qor 6:15-20*

### Gara Dhumaatti Akeekkachiisee Nagaa Itti Dhaamuu Isaa

13 1 Kanaan si'a sadaffaa gara keessan dhufuu koo ti; akkuma caafame, "Dubbiin tokko dhuga-baatuu lama yookiis sadii irra in dhaabata*". 2 Ani yeroon lammaffaa dhufetti warra kanaan dura cubbuu hojjetan, warra kaan hundumaas yoon deebi'ee dhufe akkan isaan hin qusanne qixaaxxadhcera; akkuman qixaaxxadhe immoo, amma utuun isaan bira hin jiraatinis isaan nan qixaaxxadha*. 3 Kristos karaa koo akka dubbatu immoo, amansiisa barbaaddan hundumaa argachuuf jirtu; inni isin keessatti danda'aa dha malee, gara keessan kanatti dadhabaa miti*. 4 Inni dadhabbiidhaan fannifame, humna Waaqayyootiin garuu in jiraata; nuyis akkasuma isa duratti dadhaboota, garuu humna Waaqayyootiin, bu'aa keessaniif isaa wajjin in jiraanna*.
**1 12:14; Kes 17:6; 19:15; Mat 18:16; 1Xim 5:19*
**2 1:23; 12:21*
**3 Rom 15:18*
**4 Rom 6:9-10; Filp 2:7-8; Ibr 2:9*

5 Amantiitti qabamtanii jirtu yoo taatan isinumti of ilaalaa! Of qoraa! Yesus Kristos isin keessa akka jiru dhuguma in beektun ree? Yoo akkas ta'uu dhaabaate isin qorannaa sanatti kufuu keessan*. 6 Nuyi garuu kanatti hin kufne; kanas akka isin beektan nan abdadha. 7 Isin waan hamaa akka hin hojjenneef nuyi Waaqayyoon in kadhanna; nuyi waan kufne yoo fakkaanne iyyuu, isin immoo waan qajeelaa akka hojjettaniif malee, nuyi qorama sana darbuun keenya akka mul'atuuf miti. 8 Nuyi dhugichaaf hojjenna malee, dhugicha irratti hojjechuu hin dandeenyu*. 9 Yeroo nuyi dadhaboo taane, isin immoo jaboo taatan in gammanna; akkasitti fiixaan akka baataniifis Waaqayyoon in kadhanna*. 10 Aboo isa gooftaan ittiin diiguuf utuu hin ta'in, ittiin ijaaruudhaaf anaaf kenneen yeroon gara keessan dhufu akkan isinitti hin hammaannetti, utuun isin irraa fagoo jiruu kana isiniif caafuu koo ti*.
**5 1Qor 11:28; Rom 8:9-10; Gal 2:20*
**8 HoE 24:16; 1Qor 13:6*
**9 Ibr 13:21*
**10 2:3; 10:4,8,11*

11 Ammas obboloota ko nagaatti ta'aa! Karaa keessan qajeelfadhaa, waan nuyi isinitti dhageessifannu yaadatti qabadhaa, waliif galaa, nagaatti jiraadhaa! Waaqayyo inni jaalalaa fi nagaa qabu isinii wajjin in ta'a*. 12 Yaada qulqullaa'aatiin wal dhungachuudhaan nagaa wal gaafadhaa! Warri Waaqayyoof qulqullaa'an hundinuu nagaa isiniif dhaamu*. 13 Ayyaanni gooftaa Yesus Kristos, jaalalli Waaqayyoo, tokkummaan hafuura qulqulluus hunduma keessanii wajjin haa ta'u*!
**11 Filp 2:2; 4:4; Rom 12:16,18; 15:33*
**12 Rom 16:16; 1Qor 16:20; 1Tas 5:26; 1Phe 5:14*
**13 Gal 6:18; Rom 5:5*



## Ergaa Phaawulos
# Gara Warra Galaatiyaatti Erge

### Nagaa

1 1 Ani Phaawulos, namoota biraa yookiis karaa nama tokkoo utuu hin ta'in, Yesus Kristosiin, Waaqayyo abbaa isa Kristosin du'aa kaaseen ergamee*, 2 nagaa koo, nagaa obboloota anaa wajjin jiran hundumaas waldoota kristiyaanaa kutaa biyya Galaatiyaatiif nan dhi'eessa*. 3 Waaqayyo abbaan keenya, gooftaan keenya Yesus Kristosis ayyaana, nagaas isiniif haa kennu*! 4 Kristos akka fedha Waaqayyoo abbaa keenyaatti bara hamaa isa si'anaa kana keessaa nu baasnudhaaf jedhee, sababii cubbuu keenyaaf dabarsee of kenne*. 5 Baraa hamma bara baraatti Waaqayyoof hooqubaan haa ta'u! Ameen*.
**1 1:11-12; Tit 1:3*
**2 1Qor 16:1*
**3 Rom 1:7; 1Qor 1:3; Filp 1:3*
**4 2:20; Mat 20:28; Efe 5:2; 1Xim 2:6; Tit 2:14; 1Yoh 5:19*
**5 2Xim 4:18*

### Barsiisa Wangeelaa Akka Walii Hin Wallaalle Of Eeggachiisuu Isaa

6 Isa karaa ayyaana Kristos isin waame irraa garagaltanii, akkas ariifattanii gara wangeela kan biraatti goruu keessaniif nan dinqifadha*. 7 Wangeelli biraa illee hin jiru; garuu namoonni isin wallaalchisanii, wangeela Kristos garagalchuudhaaf barbaadan tokko jiru*. 8 Haa ta'u iyyuu malee, ani yookiis ergamaan waaqa irraa tokko, wangeela isa nuyi kanaan dura isinitti himnettii kan gargar ba'e yoo isinitti hime, abaaramaa haa ta'u*! 9 Akkuma ani kanaan dura dubbadhe, ammas immoo keessa deebi'ee nan dubbadha; eenyu illee wangeela isa isin fudhattanittii kan gargar ba'e yoo isinitti hime, abaaramaa haa ta'u*!
**6 5:8; 2Qor 11:4*
**7 5:10; HoE 15:1,24*
**8 1Qor 16:22; 2Qor 11:4*
**9 1Xim 6:3*

10 Ani amma namoota moo yookiis Waaqayyoon tole jechisiisuudhaafan dubbadha ree? Yookiis namoota gammachiisnn nan barbaadaa ree? Amma iyyuu utuun namoota gammachiisee, hojjetaa Kristos hin ta'un ture*.
**10 1Tas 2:4*

### Akka Itti Ergamaa Gooftaa Ta'e Himuu Isaa

11 Ammas yaa obboloota ko! Wangeelli inni ani lallabe, waan namni of keessaa fuudhee dubbate akka hin ta'in,

isinittan hima. 12 Yesus Kristos anatti mul'achuu isaatiin wangeelicha nan argadhe malee, ani namattii isa hin fudhanne, namnis ana hin barsiifne.

13 Amantii warra Yihudootaatti qabamee yommuun jiraachaa ture, garmalee waldaa Waaqayyoo ari'achaa, balleessuudhaafis dhama'aa akkan ture dhageessaniittu*. 14 Yihudoota akka kootii warra akka amantii warra Yihudootaatti jiran keessaa hiriyoota koo nan caalan ture; seera muka abbaa keenyaatiifis caalchisee nan hinaafan ture*. 15 Waaqayyo garaa haadha kootii jalqabee na fo'achuutti ayyaana isaatiinis na waamuutti gammade*. 16 Yeroo ofii jaallatettis warra saba isaa hin ta'in gidduutti isuma wangeela godhee akkan lallabuuf, ilma isaa kana yommuu anatti mul'ise, ani duraan dursee mareedhaaf gara nama foon uffatee hin dhaqne*; 17 gara warra na dura ergamoota ta'aniittis Yerusaalemitti ol hin baane, garuu biyya Arabaa dhaqee Damaasqootti nan deebi'e.

**12-16 HoE 9:1-15*
**13 HoE 8:3; 22:4-5; 26:9-11*
**14 HoE 22:3*
**15 Er 1:5; Rom 1:1; Efe 3:7*
**15-16 HoE 9:3-6; 22:6-10; 26:13-18*
**16 2:7; Mat 11:27; 16:17*

18 Ergasii waggaa sadii turee, Phexrosii wajjin wal baruudhaaf Yerusaalemitti ol ba'een, guyyaa kudha shan isa bira ture*. 19 Yaaqoobin obboleessa gooftaa irraa kan hafe, ergamoota warra kaan keessaa tokko iyyuu hin argine*. 20 Kunoo, waan ani isiniif caafu keessatti hin sobu, dhugaa Waaqayyoo ti*! 21 Ergasiin gara kutaa biyya Sooriyaa fi Qiliiqiyaa dhaqe. 22 Waldoonni kristiyaanaa biyya Yihudaa fuula koo hin beekan turan. 23 Garuu isa warri kaan, "Namichi inni takka nu ari'achaa ture, amantiidhuma isa dur balleessuudhaaf dhama'aa ture sana lallabaa jira" jedhan duwwaa dhaga'an. 24 Isaanis sababii kootiif Waaqayyoof hooqubaa dhi'eessaniiru.

**18 HoE 9:26-30*
**19 2:9; HoE 12:17; Mat 13:55*
**20 HoE 9:30; Rom 9:1*

### Phaawulosii Fi Ergamoota Warra Kaan

2 1 Ergasii waggaa kudha afur boodee, Baarnaabaasii wajjin, Tiitoosin of duukaa fudhadheetan deebi'ee Yerusaalemitti ol ba'e*. 2 Akkan achitti ol ba'uuf Waaqayyo mul'ata waan anatti argisiiseef nan dhaqe; warra achi jiranitti waa'ee wangeela, isa ani warra saba Waaqayyoo hin ta'initti lallabuu, ibseen itti hime; dadhabbiin koo inni darbe, inni ammaas kan waa'ee hin baafne akka hin taanetti, warra geggeessituuttis qoofniitti himeera. 3 Miiltoon koo Tiitoos iyyuu utuma nama Griikii ta'ee jiruu, akka dhagna qabatuuf hin giddisiifamne*. 4 Obboloonni sobduuwwan warri karaa malee dhufan illee kana barbaadanii turan; isaan kun birmadummaa nuyi karaa Kristos Yesus qabnu gaadanii, gara garbummaatti nu deebisuudhaaf dhoksaatti nu gidduu lixan*. 5 Garuu dhugaan wangeelaa akka hin tuqamnetti isiniif ecguudhaaf, nuyi battala tokko illee isaan kanaaf abboomamuudhaaf of hin laanne.

**1 HoE 11:30; 15:2*
**3 HoE 16:3; 1Qor 9:21*
**4 HoE 15:1,24; Gal 1:7; 5:1,13*

6 Warri geggeessituun kun waan fedhan yoo ta'an iyyuu, Waaqayyo waan hin loogneef, anaaf garaagarummaa hin godhanne; warri geggeessituun kun isa kan kootiitti homaa hin daballe*. 7 Qooda kanaa akkuma wangeela warra seera dhagna-qabaa eegan biraan ga'uun, Phexrositti hadaraa kenname, wangeela warra seera dhagna-qabaa hin eegne biraan ga'uun, anatti hadaraa akka kenname argan*. 8 Isuma ergaa warra seera dhagna-qabaa eegan biraan ga'uudhaaf Phexros keessaan hojjetetu, warra saba Waaqayyoo hin ta'in biraan ga'uudhaaf immoo ana keessaan hojjete. 9 Akkasumas Yaaqoob, Phexrosii fi Yohannis, warri geggeessitun ta'anii akka utubootaatti ilaalaman, ayyaana anaaf kenname hubatanii hidhata ta'uu keenya argisiisuudhaaf barka wal qabanneerra; Baarnaabaasii fi ani gara warra saba Waaqayyoo hin ta'inii akka dhaqnu, isaanis gara warra seera dhagna-qabaa eeganii akka dhaqan waliif galleerra. 10 Isaan waa'ee hiyyeessota gargaaruu duwwaa akka yaadannu nutti dubbatan, anis immoo wanti ani gochuuf dhimmu isuma kana*.

**6 Kes 10:17; Rom 2:11; 2Qor 11:5,23*
**7 1:16; HoE 9:15; 22:21; Rom 1:5; Efe 3:1-2*
**10 HoE 11:29-30; 1Qor 16:1; 2Qor 8:9*

### Anxokiyaatti Phexrosii Wajjin Wal Diduu Isaa

11 Yeroo Phexros gara Anxokiyaa dhufe garuu, hojiin isaa kan itti farachiisu waan ta'eef, ijatti ittiin nan morme. 12 Jarri tokko Yaaqoob biraa utuu hin dhufin dura, inni saba Yihudoota hin ta'in keessaa warra amananii wajjin nyaachaa ture. Erga jarri kun dhufanii garuu, warra seera dhagna-qabaa eegan waan sodaateef, deebi'ee warra wajjin nyaachaa ture sanattii gargar ba'e*. 13 Yihudoonni warri kaanis Yihudoota warra hin ta'inii wajjin nyaachuun balleessaa akka ta'e fakkeessanii isaa wajjin ka'an; Baarnaabaas iyyuu fakkeessaa isaanii kanaan barkifamee ture. 14 Garuu dhugaa wangeelaa duukaa daandii qajeelaa irra akka isaan hin adeemne yommuun arge, hunduma isaanii duratti Phexrosiin, "Ati Yihudii taatee, akka Yihudiitti utuu hin ta'in akka nama Yihudii hin ta'iniitti erga jiraattee, attamitti warra Yihudoota hin ta'in akka Yihudootaatti jiraachuudhaaf giddisiifta ree?" nan jedhe.

**12 HoE 10:13-16; 11:3*

### Yihudoonnis, Warri Yihudoota Hin Ta'inis Amantiidhaan Fayyuu Isaanii

15 Nuyi dhalootaan Yihudoota malee, warra Yihudoota hin ta'in warra cubbamoota miti*. 16 Utuma ta'uu iyyuu namni tokko illee Yesus Kristositti amanuudhaan malee, wanta seerri isa irraa barbaadu gochuudhaan Waaqayyo duratti qajeelaa ta'ee akka hin lakkaa'amne in beekna. Nuyis wanta seerri nama irraa barbaadu hojjechuudhaan utuu hin ta'in, Kristositti amanuudhaan qajeelota taanee akka lakkaa'amnuuf, Kristos Yesusitti amanneerra; wanta seerri nama irraa barbaadu gochuudhaan namni tokko illee qajeelaa ta'ee hin lakkaa'amu*. 17 Egaa nuyi karaa Kristos qajeelota taanee lakkaa'amuudhaaf yaalaa utuu jirruu, ofii keenyaa iyyuu cubbamoota taanee yoo argamne Kristos hojjetaa cubbuu ti jechuu dhaa ree? Raawwatee akkas hin ta'u! 18 Garuu waanan diige deebisee yoon dhaabe, ani ofii kootii seera irra daddarbaa ta'uu koo argisiisuu koo ti. 19 Ani Waaqayyoof jiraachuudhaafan karaa seeraa, seera jalaa du'e; ani Kristosii wajjin fannifameera*. 20 Egaa si'achi Kristos isa ana keessaatu jiraata malee, anatu jiraata miti; jireenya ani amma fooniin jiraadhu immoo, ilma Waaqayyoo isa na jaallate, ofii isaas dabarsee isa anaaf kennetti amanuudhaan nan jiraadha*. 21 Ani ayyaana Waaqayyoo gatii hin dhabsiisu; namni qajeelaa ta'ee lakkaa'amuun seeraan utuu ta'ee, yoos Kristos akkasumaan du'e kaa!

**15 2Qor 11:22*
**16 3:11; HoE 15:10-11; Rom 3:20,22,28; 4:5; 11:6; Efe 2:8; Far 143:2*
**19 6:14; Rom 6:4-6; 7:4,6*
**20 1:4; 2Qor 5:15; Yoh 17:23*



### Eebba Amantii Jala Yookiis Abaarsa Seeraa Jala Jiraachuu

3 1 Isin yaa warra wallaalota Galaatiyaa! Fannifamuun Yesus Kristos akka waan caafamee rarraafameetti ija keessan dura ture; kana deebitanii akka wallaaltaniif eenyutu qoricha isinitti godhe*? 2 Waan seerri isin irraa barbaadu gochuudhaan moo yookiis wangeela dhageessanii itti amanuudhaan hafuura qulqulluu fudhattan? Kana duwwaa isin irraa baruu nan barbaada. 3 Attam akkas wallaalota taatu? Hafuura qulqulluudhaan jalqabdanii, amma immoo yaada fooniitiin raawwachuu barbaadduu ree? 4 Waan baay'ee akkasii miyeeffachuun keessan wanta waa'ee hin baafneef turee ree? Waa'ee baasuu dhiisuu duwwaa yoo ta'eefoo! 5 Isa seerri isin irraa barbaadu waan hojjettaniif moo yookiis wangeela dhageessanii waan itti amantaniif Waaqayyo hafuura isaa isiniif kennee, hojii aangoos isin keessatti hojjeta?

**1 5:7*

6 Abrahaamin yoo ilaalle, "Inni Waaqayyoon amanate, kunis qajeelummaatti lakkaa'ameef" kan jedhu caafameera*. 7 Egaa warri amanan Abrahaamiif ilmaan akka ta'an hubadhaa*! 8 Waaqayyo warra saba isaa hin ta'in

amantiidhaan qajeelota gochuuf akka jiru, duraan dursee caaffata qulqullaa'aa keessatti dubbachiiseera; inni Abrahaamiin, "Sabni hundinuu siin in eebbifamu" jedhee duraan dursee misraachoo itti himeera*. 9 Egaa warri amanan, Abrahaam isa amanee wajjin in eebbifamu*.
**6 Uma 15:6; Rom 4:3*
**7 Rom 4:11-12,16*
**8 Uma 12:3; 18:18; HoE 3:25*
**9 Rom 4:16*

10 Warri waan seerri isaan irraa barbaadu hojjechuu isaanii abdatan, abaarsa jala jiru; caaffanni qulqullaa'aan, "Namni wanta macaafa seerichaa keessatti caafame hundumaa gochuutti qabamee hin jiraanne abaaramaa dha!" in jedha*. 11 Namni tokko illee hojii seeraa raawwachuudhaan Waaqayyo biratti qajeelaa ta'ee akka hin lakkaa'amne mul'ataa dha; "Namni amantiidhaan fuula Waaqayyoo duratti qajeelaa ta'e jireenya dhugaa in argata" in jedha*. 12 Seerri garuu amantii irra hin dhaabatu; haa ta'u iyyuu malee, "Namni wanta seerichi barbaadu hojjetu ittiin in jiraata" kan jedhu caafameera*. 13 Kristos immoo nuuf jedhee abaaramaa ta'uudhaan, abaarsa isa seerichi nutti fidu jalaa nu fureera; akkuma caafame, "Namni mukatti tarraafame abaaramaa dha" in jedha*. 14 Eebbi Abrahaam argate, karaa Kristos Yesus saba Waaqayyoo warra hin ta'in hundumaaf akka kennamuuf, hafuura isa Waaqayyo abdachiises amantiidhaan akka fudhannuuf Kristos nu furecra*.
**10 Kes 27:26; Yaq 2:10*
**11 2:16; Anb 2:4; Rom 1:17; Ibr 10:38*
**12 Lew 18:5; Rom 10:5*
**13 Kes 21:23; Rom 8:3; 2Qor 5:21*
**14 Uma 12:3; Isa 44:3; Yoe 2:28*

### Seerri Abdii Akka Hln Diigin Mul'isuu Isaa

15 Obboloota ko, waan naanna'aa keenyatti hojjetamu yoo ilaalle, dhaamsa namni du'uuf jedhu kennu, erga seeraan fudhatamee hooddee, eenyu illee gatii hin dhabsiisu yookiis waa itti hin dabalu*. 16 Egaa Waaqayyo Abrahaamii fi hidda isaatiif abdii kenneera; caaffanni qulqullaa'aan, akka nama baay'eedhaaf dubbatamutti "Hiddoota" hin jedhu, akka nama tokkoof dubbatamutti "Hidda" jedha, innis Kristos*. 17 Kana jechuun koos, seerri inni waggaa dhibba afurii fi soddoma booddee kenname sun, abdii sana balleessuudhaaf, kakuu Waaqayyo duraan dursee galee ture diigun hin danda'u, jechuu koo ti*. 18 Fayyina argachuun seeratti hidhameera yoo ta'e immoo, si'achi abdii Waaqayyootti hidhamuu hin danda'u; haa ta'u iyyuu malee, Waaqayyo kennaa ayyaana isaa Abrahaamiif karaa abdii sanaa kenneef*.
**15 Ibr 9:16*
**16 Uma 12:7; 13:15; 17:7-8*
**17 Bau 12:40*
**18 Rom 4:13; 11:6*

19 Egaa seerri maaliif dhimma baasa ree? Hamma hiddi inni abdichi gara isaa ilaalu dhufutti, seerri, irra daddarbuun maal akka ta'e mul'isuudhaaf dabala ta'ee kenname; seerri ergamoota Waaqayyootiin karaa namicha isa isaaniif namoota gidduu dhaabatee kenname*. 20 Inni gidduu dhaabatu illee tokkoof hin dhaabatu, Waaqayyo garuu tokko*.
**19 HoE 7:38,53; Rom 3:20; 5:20; 7:8-9; Ibr 2:2; Kes 5:5*
**20 Kes 4:35*

### Seerri Amantiidhaaf Nama Qopheessuu Isaa

21 Egaa seerri abdii Waaqayyo abdachiiseen in mormaa ree? Kun matumaa hin ta'u! Seerri nama jiraachisuu danda'u utuu kennameera ta'ee, seera ceguudhaan qajeelummaan in argama ture*. 22 Abdiin Yesus Kristositti amanuudhaan akka argamuuf kenname, warra isatti amananiif akka raawwatamuuf, caaffanni qulqullaa'aan waan hundumaa cubbuu jalatti boojisiise*.
**21 Rom 8:2-4*
**22 Rom 3:9-20; 11:32*

23 Utuu amantiin hin dhufin dura, hamma gaafa inni mul'ifameetti booji'amnee harka seeraa jalatti hidhamnee turre*. 24 Nuyi amantiidhaan qajeelota taanee akka lakkaa'amnuuf, seerri adabduu keenya isa gara Kristositti nu geessu ture*. 25 Amantiin erga dhufee garuu, nuyi si'achi harka adabduu jala hin jiraannu*. 26 Amantiidbaan isin hundumti keessan karaa Kristos Yesus ilmaan Waaqayyoo ti*. 27 Warri Kristositti dabalamuudhaaf cuuphamtan Kristosin akka uffataatti uffattaniittu*.



28 Karaa Kristos Yesus isin hundumti keessan tokko; Yihudii yookiis Griikii; garba yookiis birmaduu, dhiira yookiis dubartii gidduu garaagarummaan hin jiru*. 29 Erga kan Kristos taatanii, yoos isin sanyii Abrahaam; waan Waaqayyo abdachiises in argattu*.
**23 4:2-3*
**24 Rom 10:4*
**25 7:4,6*
**26 4:5,7; Yoh 1:12; Rom 8:17*
**27 Rom 6:3; 13:14*
**28 Rom 10:12; 1Qor 12:13; Efe 2:14-15; Qol 3:11*
**29 3:7,9; Rom 4:13; 9:7*

### Ijoollee Waaqayyoo Ta'uu

4 1 Karaa tokko immoo, namni qabeenya abbaa isaatti darbee argachuuf jiru, qabeenya sana hundumaa irratti gooftaa yoo ta'e iyyuu, hamma ijoollummaa isaatti jirutti hojjetaa irra hin caalu; 2 hamma barri abbaan isaa mureef ga'utti harka warra isa guddisanii fi, warra isa bulchuuf hadaraa itti kenname jala in tura. 3 Nuyis akkasuma, hafuuraan ijoollee yeroo turretti, gurguddoota hafuurota hiyya lafaa kanaatiif hojjetoota turre*. 4 Barri murameef sun yeroo guutetti garuu, Waaqayyo ilma isaa erge; innis yeroo ergame dubartii irraa dhalatee, seera jala galfame*. 5 Inni warra seera jala jiran furuudhaaf, nuyis ilmaan Waaqayyoo taanee akka guddifamnuuf kana godhe*. 6 Isin ilmaan isaa ta'uu keessan argisiisuudhaaf, Waaqayyo hafuura ilma isaa isa, "Abbaa, abbaa" jedhee waammatu garaa keenya keessatti erge*. 7 Egaa ati si'achi karaa Waaqayyoo garbicha miti, ilma malee; erga ilma taatees qabeenya abbaa keetti darbitee argachuuf jirta*.
**3 3:23; 5:1; Qol 2:8,20*
**4 Uma 3:15; Mar 1:15; Yoh 1:14; Rom 1:3; Efe 1:10*
**5 3:13,26*
**6 Rom 8:15; Mar 14:36*
**7 3:26,29; Rom 8:16-17*

### Warra Galaatiyaatilf Dhimmuu Isaa

8 Isin dur utuu Waaqayyoon hin beekin, warra uumama isaaniitti waaqayyolii dhugaa hin ta'iniif akka garbaatti hojjechaa turtan*. 9 Amma garuu Waaqayyoon beekuu bira erga geessanii, caalaatti iyyuu Waaqayyo biratti erga beekamtanii, attamitti immoo deebitanii hafuurota dadhaboodhaa fi of hin dandeenye kanatti garagaltanii, akka garbaatti hojjechuufii barbaaddu ree*? 10 Guyyaa, baatii, buusaa baraa keessaa yeroo, waggaa tokko tokko addaan baaftanii sodaattanii in eeggattu*. 11 Ani, "Akkasumaanan isinitti dadhabe" jedhee waa'ee keessaniif nan sodaadha*.
**8 1Qor 8:4-6; 12:2; 1Tas 4:5*
**9 Qol 2:20*
**10 Rom 14:5; Qol 2:16,20-21*
**11 2Yoh la 8*

12 Obboloota nana, ani dur akka keessanin ture, isinis immoo akka koo ammaa akka taataniif isin nan kadhadha; isin homaa anatti hin balleessine. 13 Ani si'a jalqabaa wangeela yeroon isinitti lallabe, dhukkubsataa fi dadhabaa akkan ture isin iyyuu in beektu*. 14 Egaa akki ani itti ture yoo isin qore iyyuu, isin akka ergamaa Waaqayyootti, akka Kristos Yesusitti na simtan malee, ana hin salphifne yookiis ana hin tuffanne. 15 Dhageettiin yeroo sana isin gammachiise sun eessa dhaqe ree? Utuu danda'amee ija keessan of keessaa baaftanii anaaf kennuu iyyuu in jaallattu akka turtan, ani isiniif dhugaa nan ba'a! 16 Ergasii immoo dhugaa isinitti dubbachuu kootiin ani diina keessan ta'ee ree?
**13 HoE 16:6; 1Qor 2:3*

17 Jarri tokko yaada isaanii baay'isanii isin irra kaa'aniiru, garuu waan gaariidhaaf miti; isinis yaada keessan isaan irra akka kaa'attaniif, addaan isin baasuu in barbaadu*. 18 Waan gaariidhaaf yaada nama irra kaa'achuun garuu, yeroo ani isin bira jiru duwwaaf utuu hin ta'in, yeroo hundumaaf isiniif gaarii dha. 19 Yaa ijoollee ko, hamma Kristos isin keessatti mul'atutti, hamma isin deebitanii ijoollee koo taatanitti, ani akka dubartii deessuutti nan ciniinsifadha*. 20 Amma waa'ee keessaniif waanan godhu waanan wallaaleef, utuun isin biratti argamee afaanuma kootiin isinitti dubbadhee, isin buufadhee nan hawwan ture.
**17 1:7; 6:12; HoE 20:30*
**19 1Qor 4:15*

### Fakkeenya Aggaarii Fl Saaraa

21 Isin warri seera jala jiraachuu barbaaddan, wanta seerri jedhu immoo

hin dhageessanii? Anatti himaa! 22 Abrahaam ilmaan lama qaba ture; tokko dubartii garbummaa jala jiraattu irraa, tokko immoo dubartii birmaduu irraa akka godhate caafameera*. 23 Inni tokko akkuma fedha foonii duwwaatti ishee garbittii irraa dhalate; inni kaan garuu abdachiifamee ishee birmaduu irraa dhalate*. 24 Ammas kun fakkeenya; dubartoonni sun fakkeenya kakuu lamaanii ti. Isheen duraa isheen ijoolleen ishee garbummaa keessatti dhalatan Aggaar; isheen fakkeenya kakuu isa tulluu Siinaa irratti dhaabatee ti*. 25 Aggaar isheen tulluu Siinaa isa biyya Arabaa keessa jirutti fakkeeffamte sun, fakkeenya mandara Yerusaalem ishee amma namoota ishee wajjin garbummaatti jirtuu ti. 26 Yerusaalem isheen waaqa keessaa garuu birmaduu dha, isheen haadha keenya*.

27 Caaffata qulqullaa'aa keessatti,
"Dubartii ishee abbaan manaa duukaa jiru caalaa,
isheen abbaan manaa 'In dhabdc'
jedhce dhiise, ijoollee baay'ee waan qabaattuuf,
ati yaa ishee dhabdee
dhala hin godhatin haftce gammadi!
Ati yaa ishee takkaa hin ciniinsifatinii
guddisii gammaduu kee dhageessisi!"
kan jedhu caafameera*.

**22 Uma 16:15; 21:2-3*
**23 Rom 9:7-9; Uma 17:16*
**24 5:1; Bau 19:18; Uma 16:1; Rom 8:15; Ibr 12:18*
**26 Ibr 12:22; Mul 3:12; 21:2*
**27 Isa 54:1*

28 Ammas yaa obboloota ko, akkuma Yisihaq, isinis ijoollee abdii Waaqayyoo ti. 29 Haa ta'u iyyuu malee, yeroo sana inni akka fedha foonii duwwaatti dhalate, isa akka fedha hafuura Waaqayyootti dhalate akkuma ari'ate, har'as immoo akkasuma in ta'a*. 30 Garuu caaffanni qulqullaa'aan maal jedha? "Ilmi garbittittii ilma ishee birmaduu wajjin dhaala hin hirmatu waan ta'eef, garbittittii fi ilma ishee baasi!" in jedha*. 31 Egaa yaa obboloota ko, nuyi ijoollee ishee birmaduu ti malee, kan ishee garbittii miti.

**29 Uma 21:9*
**30 Uma 21:10,12*

### Birmadummaa Argatan Akka Eeggatan Gorsuu Isaa

5 1 Birmadummaatti akka nuyi jiraannuuf Kristos birmaduu nu baase; kanaaf itti jabaadhaa dhaabadhaa! Deebitaniis waanjoo garbummaa jalatti hin qabaminaa*!

**1 2:4; 4:5,9; Yoh 8:32,36; HoE 15:10*

2 Ani Phaawulos, isin dhagna yoo of qabsiiftan Kristos homaa waa'ee akka isiniif hin baafne isinitti nan hima*. 3 Namni dhagna of qabsiisu seera guutummaatti eeguun akka isa irra jiru keessa dcebi'ee dhugaa nan ba'aaf. 4 Isin warri seera eeguudhaan qajeelota taatanii lakkaa'amuu barbaaddan, Kristosin of irraa kuttaniittu; ayyaana Waaqayyoo irraas kuftaniittu. 5 Nuyi karaa hafuura qulqulluu abdii qajeelotatti lakkaa'amu amantii keessaa eeggachaa jirra*. 6 Kristos Yesusiif amantii jaalalaan hojjetutu gatii qaba malee, dhagna qabachuu yookiis dhagna qabachuu dhiisuu miti*.

**2 2:21; HoE 15:1*
**5 Rom 5:1; 8:25*
**6 6:15; 3:28; Rom 2:26; 1Qor 7:19; 13:2*

7 Isin gaarii gootanii dubbii dhugaa duukaa bu'aa turtan; amma garuu dhugaadhaaf akka hin abboomamneef eenyutu isin dhowwe rec*? 8 Dhugaadhaaf akka hin abboomamneef sababii kan isinitti ta'e Waaqayyo isa isin waame miti*. 9 Raacitiin xinnoon ishee guutummaa bukichaa in bokoksa*. 10 Ani immoo karaa gooftaa isin waan tokkoon anattii yaadaan gargar akka hin baane nan amanadha; eenyu iyyuu yoo isin raase adaba isaaf ta'u in argata*. 11 Garuu obboloota ko, amma iyyuu seerri dhagna-qabaa akka eegamu utuun nan lallaba ta'ee, hamma ammaatti iyyuu maaliifan ari'atama ree? Yoos fannoon Kristos namootatti gufuu ta'uun isaa in hafa ture*. 12 Namoonni warri isin raasan kunis utuu xu'aashii of godhanii in wayya ture.

**7 3:1-3*
**8 1:6*
**9 1Qor 5:6*
**10 1:7*
**11 6:12,14; 1Qor 1:23*



13 Obboloota ko, isin birmadummaadhaaf waamamtanoo, jaalalaan waliif ergamaa malee, birmadummaan keessan yaada fooniitiif karaa hin kennin*! 14 Guutummaan seeraa dubbii tokkicha isa, "Nama akka ofii keetiitti jaalladhu!" jedhuun in xumurama*. 15 Isin garuu yoo wal ciniintan, yoo wal nyaattanis akka wal hin fixnetti eeggadhaa!

**13 1Qor 8:9; 1Phe 2:16; 2Phe 2:19*
**14 Lew 19:18; Rom 13:8-10; Mat 22:37-40*

### Ija Hojiin Hafuuraa Kennuu Fi Hojii Foonii

16 Ani garuu, "Hafuuraan geggeeffamaa jiraadhaa malee, fedha foonii hin raawwatinaa!" nan jedha*. 17 Fedhi foonii hafuuraan in morma; hafuurris fooniin in morma; isin waanuma jaallattan akka hin gooneef, isaan kun lamaan waliin in mormu*. 18 Hafuurichaan yoo geggeeffamtan garuu, isin seericha jala hin jirtan*.

**16 5:25; Rom 7:6; 8:4-5; 1Phe 2:11*
**17 Rom 7:15-23; 8:6*
**18 Rom 8:14; 6:14*

19 Hojiin foonii mul'ataa dha. lsaanis halalummaa, xuraa'ummaa, jireenya gad-dhiisii*, 20 waaqayyolii tolfaman waaqessuu, qoricha namatti gochuu, diinummaa, qoccolloo, hinaaffaa, dheekkamsa, ofittummaa, yaadaan gargar ba'uu, barsiisaan gargar cabuu*, 21 weennoo, machii, albaadhummaa, wanta kana fakkaatus. Akkuma ani kanaan dura isinitti himee ture, warri wanta akkasii hojjetan mootummaa Waaqayyootti galuu akka hin dandeenye ammas isinitti nan hima*.

**19 1Qor 6:9-10; Qol 3:5*
**20 Mul 21:8; 2Qor 12:20; 1Qor 11:19*
**21 Rom 13:13; Efe 5:3,5; 1Qor 6:9-10; Qol 3:5-6; Mul 22:15*

22 Iji hojii hafuuraa immoo, jaalala, gammachuu, nagaa, obsa, gaarummaa, arjummaa, amanamummaa*, 23 garraamummaa dha, of dhowwuu dhas; egaa seerri isaan kanaan mormu hin jiru*. 24 Warri kan Kristos Yesus ta'an immoo yaada foonii, hawwa isaa, fedha isaas fannisaniiru*. 25 Nuyi jireenya hafuuraatti yoo jiraanne, hafuura kana duukaa bu'uu keenya*. 26 Egaa kottaa of-dhiibduu, walitti naqxuu, walitti hinaaftuu ta'uu in dhiifnaa*!

**22 Efe 5:9*
**23 1Xim 1:9*
**24 2:19; Rom 6:6; 8:9*
**25 5:16; Rom 8:4-5*
**26 Filp 2:3*

### Ba'aa Walii Akka Baataniif Gorsuu Isaa

6 1 Yaa obboloota ko, namni tokko utuu itti hin yaadin cubbuu kamitti illee yoo kufe, isin warri hafuuraan geggeeffamtanii jiraattan, hafuura garraamummaatiin akka isaa duriitti isa deebisaa! Garuu isinumti iyyuu akka hin qoramnetti of eeggadhaa*! 2 Ba'aa walii baadhaa! Akkasittis seera Kristos in raawwattu*. 3 Namni waanuma tokkoof dhimma kan hin baafne ta'ee utuu jiruu, nama dhimma baasu yoo of se'e, inni of in gowwoomsa*. 4 Namni adduma addaan hojii ofii isaa qoree baa ilaalu! Yoos yaaduma ofii isaatii duwwaadhaan of jajuu isaa malee, namni biraa akka isa hin jajanne arguuf jira*. 5 Namni adduma addaan waan ofii isaatii baatu qaba*.

**1 Mat 18:15; 1Tas 5:14; Yaq 5:19*
**2 Yoh 15:12; Rom 15:1-3; 2Qor 11:29; Qol 3:13*
**3 1Qor 8:2; 2Qor 12:11*
**4 1Qor 4:5-6; 2Qor 13:5*
**5 Rom 14:12*

6 Namni dubbii wangeelaa baruutti jiru, wanta gaarii ofii isaatii qabu hundumaa barsiisaa isaa wajjin haa hirmatu*!

**6 1Qor 9:11,14*

7 Waaqayyo kan itti ga'isan miti'o, hin gowwoominaa! Namni immoo waanuma facaase in galfata*. 8 Namni akka yaada foon isaatiitti facaasu, yaada foon isaatii sana irraa badiisa in galfata; akka yaada hafuuraatti kan facaasu immoo yaada hafuuraa irraa jireenya bara baraa in galfata*. 9 Yeroo isaatti humna utuu hin dhabin galfachuuf waan jirruuf, ammas kottaa wanta gaarii ta'e gochuutti hin laafnu*! 10 Egaa akkuma fucha argannetti, kottaa nama hundumaaf, addumaan immoo warra amantii keessa jiraniif, gaarii in hojjenna*!

**7 Iyo 13:9; Luq 16:25*
**8 Yoh 3:6; 6:63; Rom 8:6,13*
**9 2Tas 3:13; Ibr 12:3*
**10 2Phe 1:7*

**Gara Dhumaatti Of Eeggachiisee Nagaa Dhaamuu Isaa**

11 Kunoo, amma fidala gurguddaadhaan harka kootiin isiniif caafuu kootii ilaalaa! 12 Wanta namummaa namaa irratti alaan mul'atu argisiisuu warri barbaadan, akka isin dhagna qabamtaniif isin in giddisiisu; isaan fannoo Kristosiif akka hin ari'atamne duwwaadhaaf kana in godhu*. 13 Warri seera dhagna-qabaa duukaa bu'an iyyuu seera hin eegan; haa ta'u iyyuu malee, isaan waan namummaa keessan irratti mul'atu kanaan of jajuu duwwaadhaaf dhagna qabachuu keessan barbaadu*. 14 Ani garuu fannoo gooftaa keenya Yesus Kristos isa ittiin biyyi lafaa ana irraa fannifame, anis biyya lafaa jalaa fannifame sanaan malee, waan biraatiin of jajuun matumaa anaaf hin ta'u*. 15 Uumama haaraa ta'uutu lakkaa'ama malee, dhagna qabachuun yookiis dhagna utuu hin qabatin hafuun waan tokkotti hin lakkaa'amu*; 16 nagaanii fi araarri warra akka karaa haaraa kanaatti deddeebi'an irra, Israa'el Waaqayyoo irras haa jiraatu*!

**12 5:2,11*
**13 5:3; HoE 15:10; Mat 23:3-4*
**14 2:19; 1Qor 1:31; 2:2*
**15 5:6; 1Qor 7:19; 2Qor 5:17*
**16 Filp 3:16; Far 125:55*

17 Egaa ani godaannisa madaa isa Yesus qaba ture namummaa koo irraa waanan qabuuf, si'achi namni tokko iyyuu ana hin rakkisin*!

**17 2Qor 4:10*

18 Ayyaanni gooftaa keenyaa Yesus Kristos hafuura keessanii wajjin haa ta'u, yaa obboloota ko. Ameen*.

**18 Filp 4:23; 2Xim 4:22; Film la 25*

# Ergaa Phaawulos
# Gara Warra Efesoonitti Erge

**Nagaa**

1 1 Ani Phaawulos fedha Waaqayyootiin ergamaa Kristos Yesus kanan ta'e, warra Kristos Yesusitti amananii, Waaqayyoof qulqullaa'anii mandara Efesoon jiraataniif kana caafuu koo ti*.

2 Waaqayyo abbaan keenya, gooftaan keenya Yesus Kristosis ayyaana, nagaas isiniif haa kennu*!

**1 HoE 18:19-21; 19:1; Rom 1:1; 1Qor 1:1-2*
**2 Rom 1:7*

**Karaa Kristos Eebba Hafuuraa Argachuu**

3 Waaqayyoof, abbaa gooftaa keenyaa Yesus Kristos isa karaa Kristos eebba hafuuraa hundumaan, waan waaqa irraatiinis nu eebbiseef galanni haa ta'u*! 4 Inni uumamuu biyya lafaa dura iyyuu warra qulqullaa'an, warra isa duratti mudaa hin qabne akka taanuuf, jaalalaan karaa Kristos nu fo'ateera*. 5 Waaqayyo, karaa Yesus Kristos ilmaan isaa taanee akka guddifamnuuf, akka fedha isaa isa gaariitti yaadaan nuuf qabeera*. 6 Kunis guddina ayyaana isaa, isa inni ilma isaa isa jaallatamaadhaan nutti tolee nuuf kenne in galateeffachiisa*. 7 Akka badhaadhummaa ayyaana isaattis Kristos dhiiga isaa nuuf dhangalaasuu isaatiin furamuu, dhiifamuu cubbuus qabna*. 8 Ayyaanni inni ogummaa isaa fi hubannaa isaa hundumaan nu irratti dhangalaase baay'ee dha. 9 Waaqayyo waan isatti gaarii fakkaate karaa Kristos itti yaadee of dura kaa'atee ture; ammas dhoksaan fedha isaa kun nu biratti akka beekamu godhe*. 10 Barri murame yeroo guututti, Waaqayyo akka ittiin fayyisuuf akeeketti, wanta bantii waaqaa keessa jiru, wanta lafa irra jiru, wanta hundumaas harka Kristos jalatti walitti in qaba*.

**3 2:6; 2Qor 1:3*
**4 3:11; 5:27; Rom 8:28-30; Qol 1:22; 2Xim 1:9*
**5 2:4; Yoh 1:12; 1Yoh 3:1*
**6 Mat 3:17*
**7 2:7; 3:8,16; Qol 1:14; 1Phe 1:18-19; Rom 9:23*
**9 3:9-10; Rom 16:25; Qol 1:26-27*
**10 Gal 4:4; Qol 1:20*

11 Waaqayyo wanti hundinuu akka akeeka isaatii fi akka fedha isaatiitti akka ta'u in godha; nus immoo akka inni yaadee qopheessee of duraa qabuutti, karaa Kristos fo'amneerra. 12 Nuyi warri duraan dursinee Kristosin abdii godhanne, ulfina isaatiif galata akka taanuuf nu fo'ate*. 13 Isinis immoo ergaa dhugaa, wangeela fayyina keessanii karaa isaa dhageessan; isin warri dhageessanii itti amantan, hafuura qulqulluu isa abdachiifameen mallateeffamtaniittu*. 14 Hafuurri qulqulluun immoo warri kan Waaqayyoo ta'an galata ulfina isaatiif yeroo furamanitti wanta nuyi argachuuf jirruuf qabdii keenya*.

**12 HoE 26:6-7*
**13 4:30; 2Qor 1:22; Qol 1:5-6*
**14 2Qor 1:22; 5:5; 1Phe 2:9; Mil 3:17*

**Karaa Kristos Gooftummaa Waaqayyoo Beekuu**

15 Ammas ani gooftaa Yesusitti amanuu keessan warra Waaqayyoof qulqullaa'an jaallachuu keessanis dhaga'eera*. 16 Waa'ee keessaniif Waaqayyoon galateeffachuu, kadhata koo keessattis isin yaadachuu hin dhiifne*. 17 Waaqayyo gooftaa keenyaa Yesus Kristos, abbaan ulfinaa hafuura ogeessota isin godhu, Waaqayyoon beekuus isa isinitti mul'isu, akka isiniif kennuuf nan kadhadha. 18 Waamichi isaa abdii maalii akka of keessaa qabu, ulfinni warri Waaqayyoof qulqullaa'an itti darbanii argachuuf jiranis badhaadhummaan isaa maal akka ta'e beekuudhaaf, ija qalbii keessanii akka isiniif ibsuuf kadhata koo ti*. 19 Kunis nuyi warra amanneef humni isaa safara malee guddaa akka ta'e, aangoon isaa inni jabaanis nu gidduutti akka hojjetu akka beektaniif ture*. 20 Inni hojii aangoo isaa kanaan Kristosin warra du'an keessaa kaasee, waaqa irrattis gara

mirga ofii isaatii isa teessise*. 21 Gooftummaa, aboo, humna, mootummaa hamma jiru hundumaa, bara kanatti, bara dhufuttis waanuma maqaa dha'uun danda'amu gararraa isa oolche*. 22 Waaqayyo waan hundumaa miilla Kristos jala kaa'e; goofticha waan hundumaa gararraa jiru kanas waldaa kristiyaanaatiif mataa godhee kenne*. 23 Waldaan kristiyaanaa dhagna Kristos; inni waan hundumaa karaa hundumaan guutu, guutummaa isaatti dhagna isaa kanatti in jiraata*.

**15 Qol 1:3-4*
**16 Filp 1:3; Rom 1:8; Qol 1:3*
**18 4:4; Qol 1:12,27*
**19 3:7,20; Qol 2:12*
**20 Far 110:1; 1Phe 3:22*
**21 Rom 8:38-39; Filp 2:9-10; Qol 2:10*
**22 Far 8:6; Mat 28:18; 1Qor 15:26; Efe 4:15; 5:23; Qol 1:18*
**23 3:19; 5:30; 1Qor 12:27; Qol 1:19*

### Karaa Hafuuraa Du'a Keessaa Gara Jireenyaatti Darbuu

2 1 Isin kanaan dura irra-daddarbaa keessanii fi cubbuu keessaniin [karaa hafuuraa] duutanii turtan*. 2 Yeroo sanatti isin toora biyya lafaa kanaa duukaa buutanii deddeebi'aa, aboo qilleensa kcessa jiru irratti isa gooftummaa qabuuf abboomamaa turtan; hafuurichi hamaan amma namoota Waaqayyoof hin abboomamne giddeuutti hojjechaa jira*. 3 Nus hundumti keenya hawwa foon keenyaa duukaa buunee, akka fedha namummaa keenyaa fi yaada keenyaatti warra akkasii gidduu jiraanneerra; kana irraa kan ka'es akkuma warra kaanii dhalootaan dheekkamsa Waaqayyoo jala gallee turre*. 4 Araarri Waaqayyoo garuu baay'ee waan ta'eef, jaalala isaa isa guddaa sanaan nu jaallate*. 5 Nuyi irra-daddarbaa keenyaan karaa hafuuraa du'oo taanee utuma jirruu, inni warra Kristosii wajjin jiraatan nu godhate; isin ayyaana Waaqayyootiin fayyifamtan*. 6 Karaa Kristos Yesus isumaa wajjin du'aa nu kaase, isumaa wajjin bantii waaqaa keessaa iddoo nuuf kenne, nu teessises*. 7 Inni arjummaa karaa Kristos Yesus nuuf godhe sanaan, bara dhufu hundumaattuu baay'ina ayyaana isaatii isa hammas hin jedhamne argisiisuudhaaf kana godhe*. 8 Isin ayyaana Waaqayyootiin karaa amantii fayyifamtan; inni immoo kennaa Waaqayyoo ti malee, gochaa ofii keessanii miti*; 9 hojiidhaanis miti, namni tokko illee akka ittiin of hin janyetti*. 10 Nuyi hojii harka isaatii ti, hojii gaarii isa Waaqayyo duraan dursee qopheesse keessa akka deddeebinuuf karaa Kristos Yesus numamne*.

**1 Lug 15:24,32; Qol 2:13*
**2 4:17; 5:6; 6:12; Yoh 12:31; Tit 3:3; 2Qor 4:4; Rom 1:18; 2:8*
**3 Qol 3:6-7; 1Phe 4:3*
**4 1:5-7; 1Yoh 3:1; 1Phe 1:3*
**5 5:14; Qol 2:12-13; HoE 15:11*
**6 Filp 3:20*
**7 1:7*
**8 Rom 3:23-24; Gal 2:16*
**9 Rom 3:27-28; 1Qor 1:29*
**10 Tit 2:14; 2Qor 5:17*

### Karaa Yesus Kristos Tokko Ta'uu

11 Isin warri saba Waaqayyoo hin ta'in, "Warra dhagna qabatan" waan barkaan dhagna namaa irratti hojjetamuun warra of waaman biratti, "Warra dhagna hin qabatin" jedhamtanii akka waamamaa turtan yaadadhaa*! 12 Yeroo sanatti isin Kristosii wajjin homaa walittii hin qabdan turtan; waldaa ijoollee Israa'elitti orma, kakuu abdii isaanii keessaa kan hin qabne, ofii abdii kan hin qabne, biyya lafaattis Waaqayyo malee akka turtan yaadadhaa*! 13 Amma garuu Kristos Yesusii wajjin tokkummaa qabaachuudhaan isin warri dur fagaattanii turtan dhiiga Kristosiin dhi'eeffamtaniittu*.

**11 5:8; Rom 2:29; Qol 2:13*
**12 Rom 9:4; 1Tas 4:13*
**13 1;7; Isa 57:19; Qol 1:20*

14 Kristos nagaa keenya; inni keenyan diinummaa isa gidduu ture diigee, warra Yihudoota hin ta'in Yihudootas, lamaanuu tokko godheera*. 15 Inni nagaa buusuudhaan qooda gosa lamaanii namummaa haaraa isatti argamu tokko akka uumuuf abboommotaa fi toora seera sanaa namoota irraa kaase*. 16 Fannoo irratti du'uudhaan gosa lamaanuu akka dhagna tokkootti, Waaqayyotti araarsuudhaaf, ofii isaatiin diinummaa balleesse*. 17 Inni dhufee isin warra fagoo turtanitti, isaan warra dhi'oo turanittis misraachoo nagaa lallabe*. 18 Nuyi lamaanuu hafuuruma tokkoon karaa isaa akka itti abbaa bira geenyu qabna*.



**14 Isa 9:5-6; Gal 3:28*
**15 Qol 2:14; 2Qor 5:17*
**16 Qol 1:20-22*
**17 HoE 10:36; Isa 57:19*
**18 3:12; Rom 5:2; Ibr 7:25; Yoh 14:6*

19 Egaa isin si'achi warra Waaqayyoof qulqullaa'anii wajjin warra biyyaa, warra mana Waaqayyoo tis malee, orma, nama biyya diidaas miti*. 20 Isin hundee ergamootaa fi raajotaa irratti ijaaramtaniittu, Kristos Yesus immoo ofii isaatii dhagaa golee qajeelchuu dha*. 21 Guutummaan ijaarsa sanaa isumaan walitti qabamee, mana qulqullummaa Waaqayyoo ta'uudbaaf gooftaatti in guddata*. 22 Isinis immoo isumaan mana isa Waaqayyo hafuura isaatiin keessa jiraatu taatanii itti ijaaramuu keessan*.

**19 2:12; 3:6; Ibr 12:22-23*
**20 1Qor 3:9-11; Qol 2:7; Isa 28:16; 1Phe 2:4-6*
**21 4:15-16; Qol 2:19*
**22 1Qor 3:16; 1Phe 2:5*

### Dboksaa Waaqayyoo Warra Saba Waaqayyoo Hin Ta'initti Mul'isuu Isaa

3 1 Sababii kanaaf ani Phaawulos, isin warra saba Waaqayyoo hin ta'iniif jedhee waa'ee Kristos Yesusiif hidhameen jira*. 2 Waa'ee hojii ayyaana Waaqayyoo adeemsisuu isa isiniif jedhee anatti kenname dhageessaniittu ta'a*. 3 Akkuma ani dura as keessatti gabaabsee isiniif caafe Waaqayyo dboksaa isaa mul'ata keessatti anatti argisiiseera*. 4 Kana dubbifachuudhaan dhoksaa Kristos hubachuu koo beekuu in dandeessu*. 5 Dhaloota darban keessatti dhoksaan kun ilmaan namaatti hin argisiifamne; amma garuu Waaqayyo hafuura isaatiin ergamoota qulqullootaa fi raajotatti mul'iseera*. 6 Dhoksaan kunis warri saba Waaqayyoo hin ta'in wangeelatti amanuudhaan wanta Yihudoonni argatan akka argatan, isaanii wajjin bu'aa dhagna tokkoo akka ta'an, abdii isa Waaqayyo karaa Kristos Yesus kenne keessaas akka hirmaatan gochuuf kan qophaa'e ture*.

**1 4:1; Filp 1:7,13; Qol 1:24; 2Xim 1:8*
**2 Gal 2:7,9; 1Qor 3:10; 4:1*
**3 1:9-10; Gal 1:12*
**4 Rom 16:25-26*
**5 Qol 1:26-27; 1Qor 2:10*
**6 2:12-13,18-19; HoE 15:7-9*

7 Akka kennaa ayyaana Waaqayyootti ani wangeela kanaaf hojjetaa ta'eera, kunis gochaa humna isaatii ti*. 8 Ani warra Waaqayyoof qulqullaa'an bundumaa irra nan xinnaadha; haa ta'u iyyuu malee, badhaadhummaa Kristos isa bira ga'uun hin danda'amne, saba Waaqayyoo warra hin ta'initti misraachoo akkan lallabuuf ayyaanni kun anaaf kennameera*. 9 Kanaanis akeeki dhokataan kun maal akka ta'e namoota hundumaaf ibsuun anaaf kennameera; akeeki dhokataan kun bara durii durii jalqabee yaada Waaqayyoo yaada isa hundumaa uume keessa dhokfamee ture*. 10 Ogummaan Waaqayyoo inni dachaa baay'ce qabu bara si'anaa karaa waldaa kristiyaanaa warra bantii waaqaa keessaa gooftummaa qabanii fi warra aboo qabu jedhamanitti iyyuu akka beeksifamuuf kun ta'e*. 11 Waaqayyo akka bara durii karaa Kristos Yesus gooftaa keenyaa yaadee qopheessetti akeeka isaa fiixaan baaseera*. 12 Nuyi Kristositti amanuudhaan karaa isaa amanannee dhi'aachuudhaaf ija jabina qabna*. 13 Egaa rakkinni koo isiniif ulfina waan ta'eef, isa ani isiniif rakkachaa jiruuf akka abdii hin kutanneef isinan kadhadha*.

**7 Rom 1:5; Qol 1:25-29*
**8 1:7; 1Qor 15:9-10; Gal 1:16*
**9 Qol 1:15-16,26-27; Rom 16:25-26*
**10 1:21; Rom 11:33; 1Phe 1:12*
**11 1:4-9,11*
**12 2:18; Rom 5:2; Ibr 4:16*
**13 1Tas 3:3; Qol 1:24*

### Jaalala Kristos Beekuu

14 Egaa waa'ee kanaaf jilbeenfadhee abbaa nan kadhadha. 15 Sanyiin waaqa keessa jiraatuu fi sanyiin lafa irra jiraatu hundinuu isumaan in waamama. 16 Waa'ee namummaa keessan isa keessaaf immoo, abbaan akka badhaadhummaa ulfina isaatiitti karaa hafuura isaatii bumnaan guutamuu akka isiniif kennuuf nan kadhadha*. 17 Kristos amantiidhaan garaa keessan keessa akka buufatuuf, jaalalattis hiddaa fi hundee akka godhattaniif kadhata koo ti*. 18 Warra Waaqayyoof qulqullaa'an hundumaa wajjin dhoksaan ogummaa isaa bammam akka bal'atu, bammam akka dheeratu, bammam akka ol fagaatu, hammam akka gad fagaatus

hubachuu akka dandeessaniif, [19] jaalala Kristos isa safara beekumsa namaa bira darbus beektanii, guutummaa Waaqayyoo bira hamma geessanitti akka guutamtaniif nan kadhadha*.
**16 6:10; Qol 1:11*
**17 Yoh 14:23; Qol 2:7*
**19 Qol 2:2-3*

20 Inni humna isaa isa nu keessatti hojjetuun wanta nuyi kadhannuuf wanta nuyi yaaduu dandeenyu hundumaa irra safara malee caalchisee gochuu in danda'a*. [21] Kanaaf, karaa Kristos Yesus waldaa kristiyaanaa keessatti dhaloota hundumaa biratti bara baraan isaaf hooqubaan haa ta'u! Ameen*.
**20 Rom 16:25-27; Qol 1:29*
**21 Filp 4:20*

### Tokkummaa Dhagnaa

4 [1] Egaa ani waa'ee hojii gooftaatiif hidhamee kanan jiru, waamicha isa itti waamamtan sanaaf akka ta'utti akka jiraattan isin nan gorsa*. [2] Gad of deebisuu fi garraamummaa hundumaan, obsaanis walii wajjin jiraadhaa, jaalalaanis waliif danda'aa*! [3] Hidhaa nagaatiin tokkummaa hafuura qulqulluu of harkatti eeggachuudhaaf dhama'aa*! [4] Akkuma abdiin waamichaa inni isin itti waamamtan tokkicha ta'e, dhagni tokko, hafuurris tokko*; [5] gooftaan tokko, amantiin tokko, cuuphaan tokko*. [6] Waaqayyoo fi abbaan waan hundumaa tokkicha, inni waan hundumaa irra jira, waan hundumaan in hojjeta, iddoo hundumaa jiras*.
**1 3:1; 6:20; Qol 1:10; 1Tas 2:12*
**2 Qol 3:12-13; Rom 12:10*
**3 Qol 3:13-15; Rom 12:16*
**4 Rom 12:5; 1Qor 12:13,27*
**5 Yoh 10:16; 1Qor 8:6*
**6 1Qor 12:6; Mil 2:10*

7 Tokkon tokkon keenya garuu akka safara kennaa Kristositti ayyaana arganneerra*. [8] Kanaaf caaffanni qulqullaa'aan,

"Inni gara waaqaatti yeroo ol ba'e,
boojuu booji'ee dhaqee,
namootaafis kennaa kenne" in jedha*.

[9] Amma, "Ol ba'e" yommuu jedhu maal jechuu isaa ti? Dura biyya lafaa kana keessaa gara iddoo gadiitti gad bu'e jechuu dha*. [10] Isuma gad bu'e sanatu, waaqaa fi lafa ofii isaatiin guutuudhaaf bantiiwwan waaqaa hundumaa gararraatti ol ba'e. [11] Isumatus namootaaf kennaa kenne; kennaan isaas kaan ergamoota, kaan waan Waaqayyo isaanitti mul'ise warra himan, kaan warra wangeela lallaban, kaan cegdota, kaanis barsiisota akka ta'aniif ture*. [12] Inni warra Waaqayyoof qulqullaa'an, hojii isa itti ergaman sanaaf qopheessuudhaaf, [waldaa isa] dhagna Kristos sanas cimsuudhaaf kana godhe*. [13] Kunis hamma hundumti keenya tokkummaa amantii, ilma Waaqayyoo beekuu namoota ga'an taanee, guddannees safara guutummaa Kristos bira hamma geenyutti ta'a*. [14] Egaa nuyi si'achi ijoollee dha'aan asii fi achi rukutu, warra qilleensa barsiisa namoota axaarotaatiin, haxxummaa isaanii isa gowwoomsaadhaan raawwatamuunis fudhataman hin taanu*. [15] Kanaa mannaa jaalalaan dubbii dhugaa dubbachaa, kottaa karaa hundumaan gara isa mataa nuuf ta'ee, gara Kristositti in guddannaa*! [16] Isa jalatti bu'aan dhagnaa hundinuu wal fudhatanii, buusaa adduma addaan argataniin walitti qabsiifamaniiru; ycroo bu'aan dhagnaa adduma addaan tooraan hojjetuttis, dhagnichi in guddata, jaalalaanis of in cimsa*.
**7 Rom 12:3,6; 1Qor 12:11*
**8 Far 68:18; Qol 2:15*
**9 1Phe 3:18-22; Mat 12:40; Yoh 3:13*
**11 1Qor 12:28; HoE 21:8; 1Phe 5:2*
**12 2:22; 1Qor 14:26; 1Phe 2:5*
**13 3:18-19; Luq 6:40; Qol 1:28; 2Phe 3:18*
**14 1Qor 3:1; 14:20; Qol 2:8; Ibr 13:9*
**15 1:22; 5:23; Qol 1:18*
**16 2:21; Rom 12:4-5; 1Qor 12:12-13; Qol 2:19*

### Jireenya Haaraa Karaa Kristos Argamu Jiraachuu

17 Egaa si'achi akka warra saba Waaqayyoo hin ta'iniitti yaada waa'ee hin baafne duukaa buutanii akka hin jiraanne maqaa gooftaatiin cimsee isinan gorsa*. [18] Isaan sammuun isaanii dukkanceffameera; sababii Waaqayyoon beekuu hin barbaanneef, sababii mata-jabina isaaniitiifis jireenya isa Waaqayyo kennu keessaa gad baafamaniiru*. [19] Isaan of qabuu dadhabanii jirecnya gad-dhiisiitti of kennaniiru; wanta nama xurecssu hundumaa in hojjetu, in ga'as hin jedhan*. [20] Isin



garuu Kristosin akkasitti hin barre. [21] Silaa waa'ee isaa dhaga'uun keessan, akka dhugaa isa Yesus keessa jiruttis maqaa isaatiin barsiifamuun keessan hin oolle*! [22] Yaada namummaa moofaa isa dur itti jiraachaa turtan, isa kajeellaa nama gowwoomsuun manca'e of keessaa baasaa*! [23] Hafuura yaada garaa keessanii keessattis haareffamaa*! [24] Namummaa haaraa isa qajeelummaa fi qulqullummaa dhugaatti, fakkaattii Waaqayyootiin uumame uffadhaa*!
**17 2:1-3; Rom 1:21-24; 1Phe 4:3*
**18 2:12; Qol 1:21; 1Phe 1:14*
**19 Rom 1:24-25; Qol 3:5*
**21 Yoh 1:17*
**22 Rom 8:13; Gal 6:8; Qol 3:8-9*
**23 Rom 12:2*
**24 Qol 3:10; Rom 13:14; Uma 1:26-27*

25 Kanaafis namni adduma addaan soba of keessaa baasee, dhugaa namatti haa dubbatu! Nuyi bu'aa dhagna walii ti*. [26] Yoo aartan iyyuu aariin keessan gara cubbuutti isin hin geessin! Utuma aariitti jirtaniis aduun isin duraa hin lixin*! [27] Seexanaaf karaa hin kenninaa*! [28] Inni hatu deebi'ee hin hatin, warra dhaban gargaaruu akka danda'utti hojii waa'ee haasu harka isaatiin itti dadhabee haa hojjetu malee*. [29] Dubbii gargaaru, yeroo barbaachisutti kan cimsu, warra dhaga'uufis ayyaana kan kennu malee, dubbiin hamaan afaan keessan keessaa hin ba'in*! [30] Hafuura Waaqayyoo isa qulqulluu, isa guyyaa fayyinaatiif ittiin mallateeffamtan hin gaddisiisinaa*! [31] Hadhaa'umaan, dheekkamsi, aariin, waci, maqaa wal balleessuun, hamminni hundinuu isin irraa haa fagaatu*! [32] Walitti kan toltan, garaas kan waliif laaftan ta'aa; akkuma Waaqayyo karaa Kristos cubbuu keessan isiniif dhiise, isinis akkasuma waliif dhiisaa*!
**25 Zak 8:16; Qol 3:9*
**26 Far 4:4; Yaq 1:19-20*
**27 Yaq 4:7*
**28 1Tas 4:11*
**29 5:4; Mat 12:36; Qol 4:6*
**30 1:13-14; Isa 63:10*
**31 Qol 3:8; 1Phe 2:1*
**32 Qol 3:12-13; Mat 6:14; 18:21-25*

### Ifa Keessa Jiraachuu

5 [1] Akka ijoollee jaallatamootti fakkeenya Waaqayyoo fudhadhaa*! [2] Kristos akkuma nu jaallate, isinis immoo jaalalatti jiraadhaa! Inni aarsaa fooliin isaa tolu, qalma Waaqayyoof dhi'aatus godhee nuuf jedhee dabarsee of kenneera*. [3] Akka warra Waaqayyoof qulqullaa'aniitti jiraadhaa malee, halalummaan, xuraa'ummaan hundinuu, sassatis isin gidduutti hin dhaga'amin iyyuu*. [4] Dubbii galateeffachiisu malee, dubbiin gurratti hin tolle, dubbiin midhaan hin qabne, qoosaan hin taanes hin dubbatamin*! [5] Namni halaleen, yookiis xuraa'aan yookiis sassataan mootummaa Kristosii fi mootummaa Waaqayyootti galuu akka hin dandeenye beekaa! Namni sassataan waaqayyolii tolfaman waaqessuu isaa ti*.
**1 Mat 5:48; Luq 6:36*
**2 Yoh 13:34; Gal 2:20; Ibr 9:14; Bau 29:18; Far 40:6*
**3 Qol 3:5; 1Qor 6:18-19*
**4 4:29*
**5 1Qor 6:9-10; HoE 8:21; Mul 21:8*

6 Sababii wanta kana hundumaatiif dheekkamsi Waaqayyoo warra isaaf hin abboomamne irratti in dhufa; homtinuu dubbii hundee hin qabneen isin hin gowwoomsin*! [7] Hidhata namoota akkasii kana hin ta'inaa*! [8] Isin dur dukkanaa'oo turtan, amma garuu karaa gooftaa iftaniittu; egaa akka ijoollee ifaatti jiraadhaa*! [9] Wanti ifa keessaa ba'u, gaarummaa, qajeelummaa, dhugaa hundumaa keessatti in argama*. [10] Wanta gooftaatti tolu qoraa bira ga'aa*! [11] Hojii dukkanaa, isa wanti dhimma baasu keessaa hin baane, bakkeetti baasaa malee, ittii hin hirmatinaa*! [12] Namoonni hojii akkasii keessaa qaban jiru; waan isaan dhoksaatti hojjetan immoo duhhachuun iyyuu yeelloo dha. [13] Wanti ifichi bakkeetti baasu hundinuu mul'ataa in ta'a*; [14] wanti bakkeetti baafamu bundinuu ifaa dha. Kanaaf,

"Ati yaa isa raftuu, dammaqi!
Warra du'an keessaa ka'i,
Kristos siif in ibsa" jedhame*.

**6 2:2; 4:14; Rom 1:18; Qol 2:4,3; 3:6*
**7 2Qor 6:14*
**8 2:11,13; Filp 2:15; 1Phe 2:9*
**9 Mat 5:14; Yoh 12:36; 1Tas 5:5; Gal 5:22*
**10 Rom 12:2*
**11 2Qor 6:14*
**13 Yoh 3:20-21; 1Qor 4:5*
**14 Isa 26:19; 60:1-2; Yoh 8:12; Rom 13:11*

15 Egaa attamitti akka deddeebitan haleelaa ilaalladhaa! Akka warra ogeessotaatti malee, akka warra ogeessota hin ta'iniitti hin jiraatinaa*! 16 Guyyoonni kun guyyoota gadhee waan ta'aniif, yeroo isiniif kenname utuu hin dabarsin itti hojjedhaa*! 17 Kanaaf jaalalli gooftaa maal akka ta'e hubadhaa malee, wallaalota hin ta'inaa*! 18 Dhugaatiidhaan machooftanii of hin wallaalinaa, isaanis of hin balleessinaa! Qooda kanaa hafuura qulqulluudhaan guutamaa*! 19 Qooqa garaa garaatiin, faarfannaa galataatiin, weedduu hafuuraatiinis wal harkaa fuudhaa! Garaa keessan keessatti faarfachaa galata gooftaa dhageessisaa*! 20 Yeroo hundumaa waan hundumaafuu maqaa gooftaa keenya Yesus Kristosiin Waaqayyo abbaadhaaf galata galchaa*!

**15 Mat 10:16; Yaq 3:13*
**16 Qol 4:5*
**17 5:10; Rom 12:2*
**18 Luq 21:34; Fak 20:1; 23:20,29-35*
**19 Far 33:2-3; 96:1; Qol 3:16; Yaq 5:13*
**20 Qol 3:17; 1Tas 5:18*

### Haati Manaa Fi Abbaan Manaa Attamitti Akka Walii Wajjin Jiraatan Gorsuu Isaa

21 Kristosin safeeffachuudhaan waliif abboomamaa*! 22 Haati manaa akkuma gooftaa Yesusiif abboomamtu abbaa manaa isheetiifis haa abboomamtu*! 23 Kristos mataa waldaa kristiyaanaa akkuma ta'e, abbaan manaas mataa haadha manaa ti; Kristos fayyisaa waldaa kristiyaanaa ti; waldaan immoo dhagna isaa ti*. 24 Waldaan kristiyaanaa harka Kristos jala akkuma of galchitu, haati manaas waan hundumaatti harka abbaa manaa isheetii jala of haa galchitu.

**21 Mat 20:26; 1Phe 5:5*
**22 Uma 3:16; Qol 3:18; 1Phe 3:1*
**23 1:22-23; 1Qor 11:3; Qol 1:18*

25 Kristos akkuma waldaa kristiyaanaa jaallate, waldaadhaafis dabarsee of kenne, akkasuma abbaan manaas haadha manaa isaa haa jaallatu*! 26 Waldaan kristiyaanaa Waaqayyo biratti fudhatamtuu akka taatutti, Kristos karaa dubbii isaatii bishaaniin dhiquudhaan ishee in qulleessa*. 27 Waldaas xurii fi dirmammuun, wanti kana fakkaatus utuu irratti hin argamin fudhatamtuu mudaa hin qabne godhee, ulfinaan of dura ishee dhaabuuf jira*. 28 Akkasuma immoo abbaan manaa akkuma dhagna ofii isaa jaallatutti, haadha manaa isaa jaallachuun in ta'aaf; namni haadha manaa isaa jaallatu ofii isaa in jaallata. 29 Namni foon isaa in soora, in dhimmaaf malee, takkaa foon isaa jibbee hin beeku; Kristosis waldaadhaaf akkasuma godhe. 30 Nuyi bu'aa dhagna Kristos*. 31 Caaffanni qulqullaa'aan, "Sababii kanaaf dhiirri abbaa isaa fi haadha isaa in dhiisa, haadha manaa isaattis in maxxana; isaan lachanuus foon tokko in ta'u" in jedha*. 32 Dubbiin kun dhoksaa gad fagoo of keessaa qaba; inni waa'ee Kristosii fi waa'ee waldaa kristiyaanaa in dubbata jechuu koo ti*. 33 Dubbiin kun isinis immoo in ilaala; tokkon tokkon abbaa manaa akkuma kanatti haadha manaa isaa akka ofii isaatiitti haa jaallatu; haati manaas abbaa manaa isheetiif ulfina haa kennitu!

**25 5:2; Qol 3:19; 1Phe 3:7*
**26 Yoh 17:17,19; Tit 3:5; Ibr 10:22*
**27 1:4; Qol 1:21-22; 2Qor 11:2*
**30 1:23; Rom 12:5; Uma 2:23*
**31 Uma 2:24*
**32 2Qor 11:2; Mul 19:7*

### Ijoolleenii Fi Warri Isaanii Waliif Gochuun Kan Ta'u

6 1 Ijoollee! Abboota keessanii fi haadhota keessaniif abboomamaa! Kun gooftaa duratti qajeelaa dha*. 2 Abboommiin inni dura abdii wajjin kenname, "Abbaa keetii fi haadha keetiif ulfina kenni!" isa jedhuu dha. 3 Abdichis, "Gaarii akka siif ta'utti, lafa irras bara dheeraa akka jiraattutti!" jedha*. 4 Isin immoo abboota nana! Adabaa fi barsiisa gooftaatiin ijoollee keessan guddisaa malee, isaan aarsuudhaaf isaan hin tuttuqinaa*!

**1 Qol 3:20*
**2-3 Uma 20:12; Kes 5:16*
**4 Qol 3:21*

### Hojjetoonnii Fi Warri Hojjechiifatan Akka Itti Walii Wajjin Jiraatan

5 Isin warri garbummaa jala jirtan! Biyya lafaa kana irratti warra isin hojjechiifataniif sodaadhaa fi rom'aan, akka waan Kristosiif hojjettaniitti garaa qulqulluudhaan abboomamaaf*! 6 Akka isa nama gammachiisuuf ija ilaallattanii hojjettanii utuu hin ta'in, akka hojjetoota Kristositti garaa guutuudhaan jaalala Waaqayyoo raawwadhaa! 7 Akka waan namaaf hojjettaniitti utuu hin ta'in, akka waan gooftaadhaaf hojjettaniitti gammachuudhaan hojjedhaa! 8 Eenyu illee, garbichas ta'u birmaduus ta'u, hojii gaarii isa hojjeteef gooftaa biraa gatii isaa akka fudhatu beekaa*! 9 Isin warri hojjechiifattanis hojjetoota keessaniif akkasuma godhaa! Doorsisas dhiisaa! Gooftaan inni waaqa irra jiru isaaniif, isiniifis gooftaa dha; isa bira immoo nama wal caalchisuun akka hin jirre beekaa*.

**5 Qol 3:22-25; Tit 2:9-10; 1Phe 2:18*
**8 2Qor 5:10*
**9 Qol 4:1; Rom 2:11; HoE 10:34; Kes 10:17; Qol 3:25*

### Duula Hafuuraaf Qophaa'uu

10 Kanaa achi, gooftaatti humna isaa isa aangoo-qabeessattis jabaadhaa*. 11 Haxxummaa Seexanaatiin mormuu akka dandeessanitti, mi'a lolaa isa kan Waaqayyoo guutummaatti hidhadhaa*! 12 Nuyi namoota foon uffatanii wajjin wal'aansoo wal qabna miti; garuu humnoota aboo qabanii fi gooftummaa qaban, warra bantii waaqaa keessaa biyya lafaa isa dukkana keessa jiru kana seerratan, macca hafuurota hamminaa warra bantii waaqaa keessa jiraatanii wajjin wal'aansoo wal qabna*. 13 Kanaaf guyyaa hamaa sanatti mormitanii ittiin qabuu, mi'a guutummaatti hidhattan sanaanis lolatti dhaabachuu akka dandeessanitti, mi'a lolaa isa kan Waaqayyoo fudhadhaa!

**10 3:16; 1Qor 16:13*
**11 1Phe 5:8-9; 2Qor 10:4*
**12 2:2; Luq 22:31; Iyo 1:6*

14 Egaa akka nama sabbataan hidhatuutti dhugaadhaan mudhii keessan jabeeffadhaa, qajeelummaas akka maddaa sibiilaatti uffadhaatii dhaabadhaa*! 15 Akka nama kophee kaa'ateettis wangeela nagaa fudhattanii, isa lallabuudhaaf qophaa'aa*! 16 Kana hundumaa irrattis amantii akka gaachanaatti fudhadhaa! Isaan xiyya isa hamaa sanaa, warra boba'aa adeeman dhaamsuu in dandeessu*. 17 Fayyina akka gonfoo-sibiilaatti, sagalee Waaqayyoos akka billaatti, hafuura qulqulluu biraa fudhadhaa*!

**14 Luq 12:35; 1Phe 1:13; 1Tas 5:8; Isa 11:5; 59:17*
**15 Isa 52:7*
**16 Fak 30:5; Far 91:4; 1Yoh 5:4*
**17 1Tas 5:8; Ibr 4:12; Isa 59:17*

18 Kadhataa fi himata keessan hundumaa keessatti yeroo hundumaa hafuuraan geggeeffamaatii kadhadhaa! Egaa kadhachuutti dammaqaa, obsaanis itti jabaadhaa, warra Waaqayyoof qulqullaa'an hundumaafis kadhadhaa*! 19 Ani immoo dhoksaa wangeelaa ija jabinaan beeksisuudhaaf yommuun afaan saaqqadhu, dubbiin akka anaaf kennamutti, anaaf kadhadhaa*! 20 Akka dubbachuun anaaf ta'utti ija jabinaan akkan dubbadhuuf anaaf kadhadhaa! Ani funyoo sibiilaatiin lafan hidhametti iyyuu wangeela isaa lallabuudhaaf, Kristosiif afaan ta'ee ergameen jira*.

**18 Luq 18:1; Rom 12:12; Qol 4:2-3*
**19 2Tas 3:1*
**20 3:1; Qol 4:4; 2Qor 5:20*

### Gara Dbumaattl Nagaa Dhaamuu Isaa

21 Amma ani attamitti akkan jiru, maalittis akkan jiru, isinis immoo akka beektanitti, Xikiqos obboleessi jaallatamaan, hojii gooftaattis amanamaan, waan hundumaa isinitti in hima*. 22 Nuyi attamitti akka jirru akka beektaniif, innis immoo garaa keessan akka jajjabeessuuf, dhimma kanaaf gara keessanitti isa ergeera.

**21 HoE 20:4; Qol 4:7-8; 2Xim 4:12*

23 Waaqayyo abbaa biraa, Yesus Kristos gooftaa biraas nagaan, jaalalli, amantii wajjin obboloota hundumaaf haa ta'u*! 24 Ayyaanni warra gooftaa keenya Yesus Kristosin jaalala hin badneen jaallatan hundumaa wajjin haa ta'u*.

**23 1Phe 5:14*
**24 Filp 4:23; 1Phe 1:8*

Ergaa Phaawulos

# Gara Warra Filiphisiiyusitti Erge

### Nagaa

1 [1] Nuyi Pbaawulosii fi Ximotewos hojjetoonni Kristos Yesus,
gara warra karaa Kristos Yesus Waaqayyoof qulqullaa'anii mandara Filiphisiiyus jiraatan hundumaa, gara warra ilaaltotaa[1] fi gargaartota waldaa kristiyaanaatti kana caafuu keenya*.
2 Waaqayyo abbaan keenya, gooftaan keenya Yesus Kristos ayyaana, nagaas isiniif haa kennu*!
**1 HoE 16:12; 2Qor 1:1*
**2 2Qor 1:2; Qol 1:2*

### Waldaa Sanaaf Kadhachuu Isaa

3 Ani Phaawulos yeroon isin yaadadhu hundumaatti Waaqayyo koo nan galateeffadha*. [4] Yeroodhuma ani kadhata kootiin hunduma keessan yaadadhutti gammachuudhaan nan kadhadha. [5] Kadhata koo keessattis guyyaa duraatii jalqabdanii hamma har'aatti hojii wangeelaa keessaa waan qabaattaniif, Waaqayyoon nan galateeffadha*. [6] Waaqayyo inni hojii gaarii isin keessatti jalqabe, hamma guyyaa Kristos Yesus deebi'ee dhufutti, fiixaan akka baasu nan amanadha*. [7] Waa'ee hunduma keessanii yeroon yaadu immoo, garaan koo waan isin bira jiruuf, hidhamuu koo keessatti, wangeelaaf falmuutti, isa cimsee dhaabuuttis ayyaana anaaf kenname keessaa hundumti keessan akka qabdan yaaduun anaaf qajeelaa dha. [8] Jaalala isa garaa Kristos Yesus keessaa argamuun akkan isin yaadu Waaqayyo in beeka*.
**3 Rom 1:8; 1Qor 1:4*
**5 1Qor 8:23; 1Yoh 1:3*
**6 2:13; 1Qor 1:6-8*
**8 Rom 1:9-11*

9 Jaalalli keessan ogummaa qabaachuutti, dubbii gargar baasee hubachuuttis baay'isee itti caalaa akka adeemu nan kadhadha*; [10] isa ta'uu fi isa hin taane gargar baaftanii akka qortan, guyyaa dhufa Kristosittis makaa malee, gufuu malees akka taatan kadhachuu koo ti*. [11] Ija karaa Yesus Kristos qajeelummaa irraa argamuun guutamtanii ulfina Waaqayyoof galata isaatiifis ta'uuf jirtu*.
**9 Qol 1:9; Film la 6*
**10 Rom 12:2; 1Qor 1:8; 1Tas 5:23*
**11 Efe 5:9*

### Rakkina Keessaan Wangeelli Bal'achuu Isaa

12 Obboloota ko! Wanti ana irra ga'e kun wangeela bal'isuuf ba'eessa godhee hojjechuu isaa akka beektan nan barbaada*. [13] Ani Kristosiif jedhee hidhamuun koo warra mana mootummaa warra Roomaa keessaa hundumaa, namoota warra kaan hundumaa birattis beekameera*. [14] Sababii ani mana hidhaatti galfameef obboloonni garri caalan gooftaa amanatanii, dubbii Waaqayyoo sodaa malee dubbacbuudhaaf caalaa ija jabaatan.
**12 2Xim 2:9*
**13 4:22; HoE 28:30*

15 Jarri tokko hinaaffaa irraa, anaan morkachuu irraas kan ka'e Kristosin in lallabu; warri kaan immoo fedha gaarii irraa kan ka'e Kristosin in lallabu. [16] Warri jaalala gaarii irraa kan ka'e kana godhan wangeelaaf akkan falmuuf as kaa'amuu koo in beeku. [17] Warri akeeka ofii isaanii duukaa bu'anii yaada jal'aadhaan Kristosin lallaban garuu, hidhamuu koo irratti rakkina kaasuu in yaadu. [18] Fakkeessuudhaanis haa ta'u, dhugaadhaanis haa ta'u, akkuma fedhe ta'ee, karaa fedhe iyyuu Kristos baa lallabamu duwwaa! Ani kanatti nan gammada; si'achis itti nan gammada*.
**18 2:17-18*

19 Kun kadhata keessaniin gargaarsa hafuura Yesus Kristosiinis gara hiikamuutti akka na geessu nan beeka*. [20] Karaa tokkoon illee akkan bin yeellaasifamnetti dhimmee nan eeggadha, nan abdadhas; jiraachuu kootiinis ta'e, du'uu kootiinis ta'e, kanaan dura akkuman

[1] **Flp 1:1 "Warra ilaaltotaa"** Grii "Ephisqophos".





[20] Karaa tokkoon illee akkan bin yeellaasifamnetti dhimmee nan eeggadha, nan abdadhas; jiraachuu kootiinis ta'e, du'uu kootiinis ta'e, kanaan dura akkuman gochaa ture, ammas guutummaa namummaa kootiin guddina Kristosiif hojjechuudhaaf ija jabina guutuun qaba*. [21] Anaaf Kristos jireenya koo ti, du'uun immoo bu'aa koo ti*. [22] Ittuma fufee lafa irra jiraachuu kootiin caalaatti bojii ija qabu nan bojjedha yoo ta'e garuu, waan ani fo'adhu hin beeku. [23] Yaadni koo waan lama irratti wal rukuta; ani biyya lafaa kana dhiisee adeemuu, Kristos bira jiraachuus nan hawwa, kunis anaaf hundumaa irra caalaa in wayya ture*. [24] Haa ta'u iyyuu malee, biyya lafaa kana irra turee jiraachuun koo isiniif caalaa barbaachisaa dha. [25] Ani isin biratti hafee, isin amantiitti akka guddattanii fi akka gammaddanitti, hunduma keessan bira bubbuluuf akkan jiru amanadheera beekeeras*. [26] Deebi'ee dhufee yimmuu ani isin biratti argamu, isin karaa Kristos Yesus anaan of jajuudhaaf caalaa sababii in qabaattu*.
**19 2Qor 1:11*
**20 1Phe 4:16*
**21 Gal 2:20*
**23 2Qor 5:8*
**25 2:24*
**26 2Qor 1:14*

27 Amma garuu akka warri wangeela Kristos fudhatan jiraachuun ta'utti jiraadhaa malee, kan biraa isin hin dhibin! Hafuura tokkoon iddoo keessanii utuu hin socho'in dhaabattanii, yaada tokkoon amantii karaa wangeelaa argameef akka wal dorgomtan nan barbaada; ani yoon dhufe akkasitti isin arguu, yoon dhufuu dhabaadhes akkasitti jiraachuu keessan dhaga'uu nan fedha*. [28] Isin waanuma tokkoon illee warra isinitti ka'an sodaattanii hin raafaminaa! Jabaattanii dhaabachuun keessan Waaqayyo biraa isiniif kenname; kunis warri isinitti ka'an baduu isaanii, isin immoo fayyuu keessan in argisiisa*. [29] Kristositti amanuu keessan duwwaa utuu hin ta'in, isaaf dhiphachuu danda'uunis immoo isiniif kennameera*. [30] Kanatti dhama'uu koo akkuma kanaan dura ana irraa argitan, ammas waa'ee kootiif dhaga'aa jirtan, isinis itti dhama'uu in dandeessu*.
**27 2:2; 4:1; Qol 1:10*
**28 2Tas 1:4-5*
**29 HoE 5:41; 1Phe 4:13*
**30 HoE 16:19-40; 1Tas 2:2*

### Kristos Namaaf Fakkeenya Ta'ee, Gad Of Deebisuu Isaa Fi Ol Qabamuu Isaa

2 [1] Egaa karaa Kristos wal gorsuun, jaalala isaatiin wal jajjabeessuun, karaa hafuura qulqullun tokkummaa qabaachuun, gara-laafinaan namaaf yaaduun nuuf kennameera*. [2] Ammas isin warra yaada garaa tokkoo ta'uudhaan, jaalala tokko qabaachuudhaan, yaada walitti dabalattanii tokko ta'uudhaan, yaada tokkotti waliif galuudhaan gammachuu koo fiixaan anaaf baasaa*! [3] Gad of deebisuudhaan warra kaan of irra caalchisaa lakkaa'aa malee, yaada ofittummaatiin yookiis of dhiibuudhaan waan tokko illee hin bojjetinaa*! [4] Isin keessaa adduma addaan waan warra kaanitti tolus immoo haa ilaalu malee, waan isatti tolu duwwaa hin ilaalin*!
**1 Qol 3:12-13*
**2 1Qor 1:10*
**3 Rom 12:10; Gal 5:26*
**4 1Qor 10:24*

[5] Yaada garaa isa Kristos Yesus
qaba ture qabaadhaa*!
[6] Inni bifa waaqayyummaatiin
utuma jiruu,
ulfina waaqayyummaa isa
abbaa isaa wajjin
wal isa qixxeessu
wanta qabatanii itti hafanitti
hin lakkoofne*.
[7] Inni ulfina sana gad dhiisee,
akka waan, waan tokkotti hin
galle of godhe;
bifa garbummaa in fudhate;
fakkaattii namummaatiin in
dhalate,
waan hundumaanis nama ta'ee
argame*.
[8] Inni gad of deebisee,
hamma du'aatti, hamma
fannifamee du'utti iyyuu
abboomamaa ta'e*.
[9] Kanaafis Waaqayyo waan
hundumaa irra caalchisee
guddaa ol isa qabe;
maqaa isa maqaa kam irra
iyyuu caalu kenneeraaf*.
[10] Kanaanis warri bantii waaqaa
keessa jiran,

warri lafa irraa, warri lafa jala jiranis
hundinuu ulfina maqaa Yesusiif
jilbeenfatanii akka sagadan godhe*.
11 Arrabni hundinuus,
ulfina Waaqayyoo abbaatiif,
Yesus Kristos gooftaa akka ta'e
beeksisuuf jiru*.

**5 Yoh 13:15*
**6 Yoh 1:1-2; 17:5*
**7 Isa 52:13—53:3; Mat 20:28; 2Qor 8:9; Ibr 2:14,17*
**8 Luq 14:11; Ibr 5:8; 12:2*
**9 HoE 2:33; Efe 1:20-21; Ibr 1:3-4*
**10 Mat 28:18; Yoh 5:23; Mul 5:12-13; Isa 45:23*
**11 HoE 2:36; 10:36; Rom 14:9*

### Biyya Lafaa Keessatti Ibsuu Isaanii

12 Kanaafis yaa michoota ko! Yeroo hundumaa akkuma abboomamtan, yeroon isin bira jiru duwwaa utuu hin ta'in, caalaadhumatti yommuun isin bira hin jirre akkasuma godhaa! Hojii fayyina keessanii wajjin waliif galu sodaadhaa fi rom'aan itti fufaa hojjedhaa*! 13 Waaqayyo akka akeeka isaa isa gaariitti hojjechuudhaaf fedha akka qabaattaniif, akka hojjettaniifis isin gidduutti in hojjeta*.

**12 1Phe 1:17*
**13 1:6; 2Qor 3:5*

14 Waan hundumaas gunngummii fi morkii malee godhaa! 15 Ijoollee Waaqayyoo warra waan ittiin komataman hin qabne, warra mudaa, haxxummaas hin qabne akka taataniif, isinis dhaloota miceiiramaadhaa fi karaa irraa kaate gidduutti biyya lafaa irratti akka ibsaa in ibsitu*. 16 Guyyaa Kristos firdiidhaaf dhufutti akkasumaan waanan hin fiiginiif, akkasumaan waanan hin dadhabiniif, akkan ittiin of jajutti, dubbii jireenyaa jabeessaa qabadhaa*!

**15 1:10; Mat 5:14-15; Efe 5:8-9; Kes 32:5*
**16 Gal 4:11; 2Qor 1:14; 1Tas 2:19*

17 Dhiigni koo amantii keessan isa aarsaa qalmaa ta'ee dhi'aatu irratti akka dhibaayyuutti yoo lolaafame iyyuu, ani nan gammada, gammachuu koos isinii wajjin nan hirmaadha*. 18 Isinis immoo akkasuma gammaduun, gammachuu keessanis anaa wajjin hirmaachuun isin irra jira*.

**17 Rom 15:16; 2Qor 7:4; 2Xim 4:6*
**18 3:1; 4:4*

### Ximotewosii Fi Ephafrodixosin Ergun Isaa

19 Yesus gooftaan jennaan, ani waa'ee keessan dhaga'ee garaan koo akka gammaduuf, dafee Ximotewosin gara keessanitti erguuf nan abdadha*. 20 Ani nama akka kootti garaa qulqulluudhaan waa'ee keessaniif yaadu isa malee hin qabu*. 21 Warri kaan hundinuu waan Yesus Kristositti tolu utuu hin ta'in, waan ofii isaaniitti toluuf in dhimmu*. 22 Ximotewos nama dhimma baase ta'uu isaa garuu, akka ilmi abbaa isaaf hojjetutti anaaf hojjetee, anaa wajjinis hojii wangeelaa hojjechaa akka ture isinis in beektu. 23 Dubbiin koo attam akka ta'u akkuman bareen immoo isa gara keessanitti erguuf nan abdadha. 24 Ofii kootiis immoo utuun hin turin gara keessan akkan dhufu goofticha nan amanadha*.

**19 1Tas 3:2*
**20 1Qor 16:10*
**21 2Xim 4:10,16*
**24 1:25*

25 Ani Ephafrodixosin obboleessa koo, hojiitti, wal'aansoo keessattis hidhata koo, isa isin wanta anaaf barbaachisetti hojjetaa akka ta'uuf ergamaa godhattan sana, deebisee gara keessanitti erguun barbaachisaa anatti fakkaate*. 26 Inni hunduma keessan yaadaa, waan isin dhukkubsachuu isaa dhageessaniifis garaan isaa dhiphachaa ture. 27 Inni illee dhuguma dhukkubsatce du'ee oole; Waaqayyo garuu isa maareera; isa duwwaas utuu hin ta'in, ani gadda irratti gadda akkan hin dabalanneef anaafis araara godhe. 28 Ergasii immoo isin isa arguutti akka gammaddaniif, gaddi koos akka salphatuuf, caalaatti ariifadhee isa gara keessanitti ergeera. 29 Egaa maqaa gooftaatti gammachuu guutuudhaan isa simaa, namoota akkasiifis ulfina kennaa*! 30 Inni sababii hojii Kristosiif du'atti dhi'aate, isa isin anaaf akka hojjetuuf ergitan raawwachuufis jireenya isaa fittee irraan ga'e.

**25 4:18*
**29 1Qor 16:16,18; 1Xim 5:17*



### Waa'ee Qajeelina Isa Dhugaa Dubbachuu Isaa

3 1 Kana irraa kan hafes yaa obboloota ko, gooftaatti gammadaa! Wanta ani kanaan dura isiniif caafe caalaatti isiniif cinsuudhaaf, keessa deebi'ee isiniif caafuun ana hin dhibu*.

**1 2:18; 4:4*

2 Warra maqaa dhagna-qabaatiin akka sarootaa foon dhagna namaa kukkutuudhaan hamaa godhan irraa of eeggadhaa*! 3 Nuyi garuu dhagna-qabaa isa dhugaa arganneerra; isa kan foonii amanachuu dhiifnee, Kristos Yesusiin of in jajna, hafuuraanis Waaqayyoof in hojjenna*. 4 Haa ta'u iyyuu malee, ani ofii kootii isa kan foonii iyyuu amanachuudhaaf sababii qabaachuu nan danda'an ture; namni biraa isa kan foonii kana amanachuudhaaf sababii qaba yoo of se'e, ani immoo isa caalaa iyyuu sababii qaba*. 5 Dhaladhee gaafa saddeetaffaan dhagna qabadhe; sanyii Israa'el, gosa Beniyaamin keessaan dhaladhe. Abbaan koo fi haati koo Ibroota waan ta'aniifis ani Ibricha makaa hin qabnee dha; karaa seera eeguu immoo ani warra Fariisotaa keessaa tokko*. 6 Seera sanaaf hinaafuu irraa kan ka'e waldaa amantootaa ari'achaan ture; qajeelummaan seericha eeguudhaan in argama utuu ta'ee, ani isatti mudaa hin qabun ture*.

**2 Mul 22:15; Gal 5:12; 6:12*
**3 Rom 2:29; Gal 6:14-16; Qol 2:11*
**4 2Qor 11:18,21-23*
**5 HoE 23:6; 26:5; Rom 11:1; 2Xim 1:3*
**6 HoE 8:3; 22:3-5; 26:9-11; Gal 1:13*

7 Amma garuu Kristosiif jedhee, wanta bu'aa anaaf qaba ture hundumaa akka waan gatameetti lakkaa'eera*. 8 Dhuguma iyyuu gooftaa koo Kristos Yesusin beekuun hundumaa irra waan caaluuf, ani waan hundumaa akka waan gatameetti nan lakkaa'a; Kristosin bu'aa koo godhachuudhaaf kun hundinuu anaaf waan gatame ta'eera; akka kosiittis isa lakkaa'eera*. 9 Kanaanis ani kan Kristos ta'ee argameera. Egaa qajeelummaan koo isa seera eeguudhaan argamu utuu hin ta'in, isa Kristositti amanuudhaan argamuu dha; qajeelummaan kun Waaqayyo biraa in dhufa, amantii irras in dhaabata. 10 Kanaafis isa duwwaa beekuu, humna du'aa ka'uu isaas miyeeffachuu, dhiphina isaa irraa, du'a isaa irraas hirmaachuu nan barbaada*. 11 Warra du'an keessaa kaafamuu biras nan ga'a jedheen aggaama.

**7 Mat 10:39; 13:44-46; 16:25*
**8 Rom 3:22,25; Gal 2:16,21*
**10 Rom 6:3-5; 8:17; 2Qor 4:10; Gal 6:17*

### Akeeka Bira Ga'uudhaaf Kaachuu

12 Kanas argadhee waanan guutuudhaaf miti; garuu Kristos kan isaa waan na godhateef, anis isa kana bira ga'ee harka koo keessa galfachuudhaaf duukaa kaachuutti nan jira*. 13 Obboloota ko, ani akka nama harka isaa keessa isa galfateetti of hin lakkaa'u. Haa ta'u iyyuu malee, waan tokko nan godha; wanta na booddeetti hafe yaaduu dhiisee, wanta na dura jirutti nan hiixadha*. 14 Akeeka sana bira ga'ee gonfoo warra mo'anii argachuudhaaf nan kaadha; gonfoon warra mo'anii kunis waamicha isa Waaqayyo karaa Kristos Yesus itti ol nu waamee dha*. 15 Nuyi hammi karaa hafuuraa bilchaatoo taane, kanatti yaadaan tokko ta'uun nu irra jira; waa'ee waan tokkoof yaada biraa yoo qabaattan garuu, Waaqayyo isas immoo isinitti mul'isuuf jira. 16 Amma immoo kottaa isa bira geenye duwwaatti qabamnee in deddeebina*.

**12 Qol 1:29; 1Xim 6:12; HoE 9:3-6*
**13 Luq 9:62*
**14 1Qor 9:24-25; 2Xim 4:7-8*
**16 1:27; Gal 6:16*

17 Obboloota ko, fakkeenya koo fudhachuutti waliif galaa! Akka fakkeenya nuyi isiniif kennineetti warra jiraatan ilaalaa*! 18 Waa'ee jara tokkoo kanaan dura akkuma ani si'a baay'ee isinitti hime, ammas boo'aa isinitti nan hima; isaan yaada fannifamuu Kristositti diina ta'anii in jiraatu*. 19 Dhumni isaanii badiisa, garaan isaanii waaqayyo isaanii ti; salphina isaanii ulfinatti in lakkaa'atu; yaada garaa isaaniis waan lafa irraatti in hidhu*. 20 Nuyi garuu nama biyya waaqa irraa ti; "Gooftaan keenya fayyisaan keenya Yesus Kristos achii nuuf dhufa" jennee eegganna*. 21 Inni humna isaatiin bifa dhagna keenyaa isa gad deebi'aa diddiiree, akka dhagna isaa isa ulfina-qabeessaa gochuu in

danda'a; humna kanaanis waanuma hundumaa of jala in galcha*.
**17 4:9; 1Qor 4:16; 11:1*
**18 1Qor 1:23; Gal 6:12*
**19 2Qor 11:15; Rom 16:18*
**20 Efe 2:6; Ibr 11:13-16; 12:22; 13:14; Tit 2:13*
**21 1Qor 15:43,49,52-53; 2Qor 5:1; 1Yoh 3:2*

### Gorsuu Isaa

4 [1] Kanaafis yaa obboloota jaallatamoo ani arguu yaadu, gammachuu koo fi gonfoo ulfina koo michoota koos, gooftaatti jabaadhaa dhaabadhaa*! [2] Obboleettonni keenya Ewodiyaa fi Sinxiikeen maqaa gooftaatiin yaada tokkotti akka waliif galaniif lachuu isaanii nan gorsa*. [3] Atis yaa amanamaa hiriyaa ko, dubartoota kana akka gargaartu sin kadhadha; isaan kun, Klemens, warri kaan hojii irratti hidhata koo warri ta'an, warri jireenya argachuudhaaf maqaan isaanii macaafa jireenyaa keessatti caafame, dorgomee bojii wangeclaatti anaa wajjin dhama'aa turan*.
**1 1:27; 2Qor 1:14; 1Tas 2:19-20*
**2 2:2*
**3 Luq 10:20; Mul 3:5; 13:8*

4 Yeroo hundumaa gooftaatti gammadaa! Ammas irra deebi'ee nan jedha, gammadaa*! [5] Garraamummaan keessan nama hundumaa biratti haa beekamu! Gooftaan dhi'oo dha, dhi'ootti in dhufas*. [6] Waan hundumaatti, kadhataa fi himataan galataa wajjin wanti isin barbaachisu Waaqayyo duratti akka beekamu godhaa malee, waanuma tokkotti yaaddoo hin qabaatinaa*! [7] Nagaan Waaqayyoo inni hubannaa namaa hundumaa irra caalus, karaa Kristos Yesus garaa keessanii fi yaada keessan in eega*.
**4 3:1; 2Qor 13:11; 1Tas 5:16*
**5 Tit 3:2; Yaq 5:8-9*
**6 Mat 6:25-34; Efe 6:18; 1Phe 5:7*
**7 Yoh 14:27; Rom 5:1; Qol 3:15*

8 Ammas yaa obboloota ko, waa'ee waanuma dhugaa ta'ee, waanuma ulfina qabuu, waanuma qajeelaatti lakkaa'amuu, waanuma qulqulluu ta'ee, waanuma jaallatamaa, waanuma gurratti toluu, waanuma gaarii ta'ee, waanuma galata qabuu yaadaa*! [9] Wanta ana irraa bartan, ana irraa fudhattan, ana irraa dhageessan, utuun hojjedhuus waan argitan, isinis akkasuma godhaa! Waaqayyo inni nagaa kennu isinii wajjin in ta'a*.
**8 Tit 3:8,14*
**9 Rom 16:20; 1Qor 14:33; 1Tas 5:23*

### Gargaarsa Isaanlitiif Galateeffachuu Isaa

10 Isin amma anaaf dhimmuun keessan guutummaatti akka lubbuu godhatu gochuu keessaniif gooftaatti guddaa nan gammade. Duraan iyyuu dhuguma anaaf in dhimmitu turtan, garuu kana mul'isuudbaaf fucha hin arganne. [11] Kana jechuun koo waa dhabee komachuu koo miti; ani akka kamitti iyyuu of danda'ee jiraachuu bareera*. [12] Ani jireenya gad decbi'aa jiraachuu beeka, wanta barbaachisu gararraatti qabaachuus, beeka; ani waan hundumaatti, akka kamittis, quufatti, beelattis, irraa hafaa qabaachuutti, dhabuuttis nan beeka*. [13] Jabina gooftaan anaaf kennuun waan hundumaa gochuu nan danda'a*.
**11 1Xim 6:6-8*
**12 2Qor 6:10*
**13 2Qor 12:10*

14 Haa ta'u iyyuu malee, rakkina koo hirmaachuu keessaniif gaarii gootan. [15] Ani yeroon Maqedooniyaadhaa ka'ee naanna'aa sanatti jalqaba wangeela lallabuuf ba'e, isin kophaa malee waldaan tokko illee waanan argadhutti, waanan baasuttis na gargaaruudhaaf hirmaattuu akka bin ta'in, isin warri Filipbisiiyus in beektu*. [16] Tasaloniiqeetti iyyuu gargaarsa deddeebiftanii anaaf ergitaniittu*. [17] Bu'aan isaa inni isiniif lakkaa'amu haa baay'atuuf malee, ani gargaarsicha argachuuf barbaadee miti. [18] Ammas wanti hundinuu guutummaatti na ga'eera, kan ga'u caalaas fudhadheera. Kennaan isin ergitan, akka aarsaa urgaa'aa fi qalma Waaqayyo duratti fudbatamee isa gammachiisuu ti; kennaa kana immoo Ephafrodixos harkaa fudhadhee guuttadheera*. [19] Waaqayyo koos akka badhaadhummaa isaa isa dinqisiisaatti karaa Kristos Yesus waanuma isin barbaachisu isiniif guutuuf jira*. [20] Waaqayyo abbaa keenyaaf ulfinni baraa hamma bara baraatti haa ta'uuf! Ameen*.



**15 2Qor 11:9*
**16 HoE 17:1*
**18 2:25; Ibr 13:16; Bau 29:18*
**19 2Qor 9:8*
**20 Gal 1:4-5*

### Gara Dhumaatti Nagaa Dhaamuu Isaa

21 Warra Waaqayyoof qulqullaa'an adduma addaan, Kristos Yesusitti nagaa anaaf gaafadhaa! Obboloonni anaa wajjin jiran nagaa isiniif dhaamu.
22 Warri Waaqayyoof qulqullaa'an hundinuu, addumaan immoo warri mana mootii warra Roomaa keessa jiran nagaa isiniif dhaamu*. [23] Ayyaanni gooftaa Yesus Kristos hafuura keessanii wajjin haa ta'u*.
**22 1:13; 2Qor 13:12*
**23 1Qor 16:23; Gal 6:18; 2Xim 4:22*

# Ergaa Phaawulos
# Gara Warra Qolosaayisitti Erge

### Nagaa

1 [1] Ani Phaawulos fedha Waaqayyootiin ergamaa Kristos Yesus kanan ta'e Ximotewos obboleessaa wajjin kana caafuu koo ti*. [2] Kanaan obboloota Kristositti amananii Waaqayyoof qulqullaa'anii mandara Qolosaayis jiraataniif nagaa koo nan dhi'eessa; Waaqayyo abbaan keenya[1] ayyaana, nagaas isiniif haa kennu*!
**1 Efe 1:1; Filp 1:1*
**2 Rom 1:7; Efe 1:1-2*

### Waaqayyoon Galateeffachuu Isaa

3 Yommuu isiniif kadhannu, nuyi yeroo hundumaa Waaqayyoon abbaa gooftaa keenyaa Yesus Kristos in galateeffanna*. [4] Kristos Yesusitti amanuu keessan, warra Waaqayyoof qulqullaa'an hundumaa jaallachuu keessanis dhageenyeerra*. [5] Kana gochuun keessanis sababii abdiin waaqa irra isiniif kaa'amee jiruuf; waa'ee abdii kanaa duraan dursitanii wangeela isa dhugaa irraa dhageessaniittu*. [6] Wangeelli kunis isin bira jira; guutummaa biyya lafaa keessa akkuma jiru, ija godhachaas akkuma bal'atu, erga gaafa isa dhageessanii, ayyaana Waaqayyoos dhugumaan hubattanii akkasuma isin gidduuttis hojjechaa jira. [7] Waa'ee ayyaana Waaqayyoo Ephafraas hidhata keenya isa jaallatamaa irraa bartaniittu; inni Kristosiif hojjetaa amanamaa ta'ee isiniif ergame*. [8] Waa'ee jaalala keessanii isa hafuurri qulqulluun kaase isatu nutti hime.
**3 1Tas 1:2-3*
**4 Efe 1:15-16; Film la 5*
**5 1Phe 1:3-4; Efe 1:13; Ibr 6:18*
**7 4:12; Film la 23*

9 Kanaafis nuyi erga gaafa kana dhageenyeetii Waaqayyoon isiniif kadhachuu hin dhiifne; fedha isaa hubattanii ogummaa hundumaan qalbifannaa hafuurri qulqulluun kennuunis akka guutamtaniif Waaqayyoon isiniif in kadhanna*. [10] Jireenya gooftaadhaaf ta'u jiraachuu, yeroo hundumaa waan isatti tolu gochuu, hojii gaarii ta'e hundumaatti ija godhachuu, Waaqayyoon beekuuttis guddachuu akka dandeessaniif kadhachuu keenya*. [11] Obsa hundumaa fi gammachuudhaan waliif danda'uuf akka aangoo isa ulfina isaa keessaa dhufuutti, jabina hundumaan jabeeffamaa*! [12] Abbaa keenya isa ifa waaqa irraattii qooda warra isaaf qulqullaa'anii keessaa hirmaachuu isin dandeessiseef galata dhi'eessaa*! [13] Inni aboo dukkanaa jalaa nu baasee, gara

[1] **Qol 1:2 "Waaqayyo abbaan keenya"** kaan immoo "Gooftaan keenya Yesus Kristosis".

mootummaa ilma isaa isa jaallatamaatti
nu dabarse*. 14 Ilma isaa kanaan[2] furamuu dhiifamuu cubbuus arganneerra*.
**9 Efe 1:15-17; Filp 1:9*
**10 Efe 2:10; 4:1; Filp 1:27; Ibr 13:21*
**11 Efe 3:16*
**12 Efe 1:18*
**13 Efe 6:12; HoE 26:18*
**14 Efe 1:7*

### Kristos Uumama Hundumaa Gararraa Ta'uu Isaa

15 Kristos, bifa Waaqayyo inni
ijaan hin argamne ittiin namatti mul'atuu dha; uumama hundumaa duras dhalate*. 16 Wanti waaqa keessa jiruu fi
wanti lafa irra jiru hundinuu, wanti
ijaan argamuu fi wanti ijaan hin argamne, warri teessota irra taa'anii fi warri
mootummaa qaban, warri bantii waaqaa keessaa gooftummaa fi aboo qabu
jedhamanii sodaataman isaan uumaman; wanti hundinuu karaa isaa uumame, isaafis uumame*. 17 Inni wanta
hundumaa dura ture; karaa isaa wanti
hundinuu iddoo godhatee in jiraata*.
18 Inni mataa waldaa kristiyaanaa isa
dhagna isaa jedhamee waamamee ti;
inni jalqaba waan hundumaa ti; waan
hundumaatti isa duraa akka ta'uuf, inni
warra du'an keessaa dura ka'e*.
19 Waaqayyo guutummaa waaqayyummaa isaatiin isa keessa jiraachuutti
gammadeera*. 20 Waaqayyo wanta
hundumaa karaa isaa ofitti araarse;
dhiiga Kristos isa fannoo irratti dhangala'eenis lafa irratti waaqa irrattis
nagaa buuseera*.
**15 2Qor 4:4; Ibr 1:3*
**16 2:10; Efe 1:21; Yoh 1:3,10*
**17 Yoh 1:1; 8:58; 17:5; Mul 22:13*
**18 1Qor 15:20; Efe 1:22-23; Mul 1:5; HoE 26:23*
**19 2:9; Yoh 1:16; Efe 1:23*
**20 Efe 1:7; 2:13-16; 2Qor 5:18-19; 1Yoh 2:2*

21 Isin dur hamaa yaaduu keessaniin, hojjechuu keessaniinis orma, diina Waaqayyoos taatanii turtan*. 22 Amma garuu Waaqayyo du'a namummaa
ilma isaatiin isin araarsee, warra isaaf
qulqullaa'an, warra mudaa hin qabne,
warra balleessaa hin qabnes godhee, of
dura isin dhaabachiiseera*. 23 Haa ta'u
iyyuu malee, amantii keessatti hafuun,
hundee keessan irratti jabaattanii dhaabachuun abdii isa karaa wangeelaa
dhageessan irraa socho'uu dhiisuun
isin irra jira. Wangeelichi waaqa jalaa
uumama hundumaatti lallabamee jira;
ani Phaawulosis hojjetaa isaa ta'eera*.
**21 Rom 5:6,10; 2:1,12,15-16*
**22 Efe 5:27; Tit 2:24*
**23 2:7; 1Qor 15:58*

### Hojii Waldaa Kristiyaanaatti Dadhabuu Isaa

24 Ani amma isiniif dhiphachuu
kootiif nan gammada; rakkina Kristos
rakkate keessaa hirmaachuudhaaf
waan na duraa hir'ate anis dhagna
isaatiif, kana jechuun waldaa kristiyaanaatiif, foon kootiin rakkachuudhaan
nan guuta*. 25 Akka hojii isiniif hojjechuudhaaf Waaqayyo anatti kennetti,
dubbii Waaqayyoo guutummaatti waliin ga'uudhaaf hojjetaa waldaa kristiyaanaa ta'eera*. 26 Dubbiin kun bara
durii durii jalqabee dhaloota turan duraa dhokatee ture, amma garuu warra
Waaqayyoof qulqullaa'anitti mul'ifameera*. 27 Waaqayyo dhoksaa isa ulfinaan guutuu kana warra saba isaa hin
ta'in keessatti argisiisuudhaan warra
kan isaatiitti beeksisuu jaallate. Dhoksaan mul'ifame kunis Kristos isa isin
keessa jiruu dha; inni ulfina isin argachuuf jirtaniif abdii keessan*. 28 Nus
isuma labsina; namni hundinuu karaa
Kristos nama ga'aa ta'ee fuula Waaqayyoo dura akka dhaabatuuf nama
hundumaa in gorsina; ogummaa hundumaanis in barsiifna*. 29 Jabina isaa
isa humnaan ana keessaa hojjechaa
jiruun kana gochuuf itti nan dadhaba,
wal'aansoon ittiin qabas*.
**24 Efe 3:1,13; 2Xim 2:10*
**25 Efe 3:7-8*
**26 Rom 16:25-26; Efe 3:3-6,9*
**27 Efe 1:18; 3:17; 1Xim 1:1*
**28 Efe 4:13*
**29 Efe 3:7,20*

### Amantii Isaanlitiif Dhimmuu Isaa

2 1 Ani isinii fi warra Laa'odiiqeyaatiif akkasumas warra fuula
koo hin argin hundumaaf attam guddisee akkan dhama'aa ture akka beektan nan barbaada*. 2 Kana gochuun
koos garaan isaanii ija jabinaan akka

[2] **Qol 1:14 "Ilma isaa kanaan"** kaan "Dhiiga isaatiin" kan jedhu itti dabalu.



guutuuf jaalalaan walitti hidhamanii
utuu jiranii, badhaadhummaa amansiisa guutuu qabu isa bubannaa keessaa
dhufu, dhoksaa Waaqayyoo isa Kristos keessa jirus beekuu akka argataniif*. 3 Badhaadhummaan ogummaa fi
beekumsaa hundinuu isa keessa dhokfamee jira*. 4 Kanas namni tokko illee
dubbii nama wallaalchisuun akka isin
hin gowwoomsineefan dubbadba*.
5 Fooniin yoon isin bira jiraachuu
dhaabaadhe iyyuu hafuuraan isin biran jira; toora gaarii isin qabdanii fi
Kristos Yesusitti amanuutti jabaachuu
keessan arguutti nan gammada*.
**1 4:13*
**2 1:26-27; Efe 3:18*
**3 1Qor 1:24,30*
**4 Rom 16:18; Efe 5:6*
**5 1Qor 14:40*

### Karaa Kristos Jireenyi Guutuu Ta'uu Isaa

6 Egaa Kristos Yesus goofticha akkuma fudhattanitti isatti jiraadhaa!
7 Akkuma barsiifamtanitti hundee keessan gad fageeffadhaa, isatti ijaaramaatii amantiitti dbaabamaa! Galata guutee irra dhangala'us dhi'eessaa*!
**7 1:23; Efe 2:20,22*

8 Namni tokko illee akka barsiisa
Kristositti utuu hin ta'in, yaada mataa
isaa keessaa ba'ee fi gowwoomsaa waan
tokko of keessaa hin qabneen isin hin
harkisin; akka barsiisa amala namaatti
akka isa hafuurota bantii waaqaa keessaa
biyya lafaa kana irratti humna qabu
jedhamanii sodaatamaniitti isin hin booji'in; kana hundumaattiis of eeggadhaa*!
9 Guutummaan waaqayyummaa namummaa Kristos keessa in jiraata*. 10 Isinis
isuma warra bantii waaqaa keessatti
gooftummaa qabanii fi aboo qaban bundumaaf mataa ta'e sanaan gara guutummaa jireenyaa dhuftaniittu*.
**8 2:20; Rom 16:18*
**9 1:19; Yoh 1:14,16*
**10 1:16; Efe 1:21-23*

11 Isinis immoo isumaan dhagna
qabamtaniittu; dhagna qabaan keessan
garuu isa harkaan hojjetame utuu hin
ta'in, isa Kristos dhagna qabuu isaatiin
namummaa foonii guutummaa isaa balleessee dha*. 12 Cuuphaadhaan Kristosii wajjin awwaalamtanii hojii aangoo
Waaqayyoo isa warra du'an keessaa isa
kaasetti amanuu keessaniin, isinis immoo isaa wajjin du'aa kaafamtaniittu*.
13 Isinis irra-daddarbaa keessanii fi
dhagna-qabaa dhabuu foon keessaniif
hafuuraan du'oo yoo taatan iyyuu,
Waaqayyo akka isin Kristosii wajjin
jiraatoo taatan godbeera; irra-daddarbaa keenya hundumaas nuuf dhiiseera*. 14 Wanta nu irratti caafamee ture,
isa nutti hin tolin sana, waan inni karaa
seeraa nu irraa barbaaduu wajjin duguugee fannootti cinqaarsuu isaatiin
iddoo isaatii balleesseera*. 15 Fannoo
sana irrattis Kristos warra qilleensa
irraa gooftummaa qabanii fi humna
qaban harka duwwaa hambisee bakkeetti isaan mul'isuudhaan salphisee
isaan argisiise*.
**11 Rom 2:29; Filp 3:3; 1Phe 3:21*
**12 3:1; Rom 6:4-5; Efe 1:19-20; 2:5-6*
**13 Efe 2:1-5; 2Qor 5:19*
**14 Efe 2:15*
**15 1:13; Efe 4:8*

16 Kanaafis waa'ee nyaataa fi dhugaatiitti, waa'ee guyyaa ayyaanaatti,
waa'ee baatii lakkaa'uutti yookiis
waa'ee Sanbata eeguutti, namni tokko
illee isinitti hin faradin*! 17 Isaan kun
gaadidduu wanta dhufuuf jiru sanaa
duwwaa dha; wantichi inni dhugaan
garuu kan Kristos*. 18 Namni gad deebi'ee ergamoota waaqa irraa waaqessuu jaallatee, mul'ata arge tokko tokkoon himuudhaan sababii ga'u utuu hin
qabaatin yaaduma garaa isaatiin of
bokoksee, galata isin hin dhabsiisin*.
19 Namni akkasii, Kristos mataa dhagnichaatti, isa guutummaan dhagnaa
ittiin sooramee, buusaa fi ribuu isaatiinis walitti hidhamee, guddina Waaqayyo biraa argatuunis guddatu sanatti hin
jabaatu*.
**16 Ibr 9:10; Rom 14:1-6*
**17 Ibr 8:5; 10:1*
**18 1Xim 6:3-4*
**19 Efe 4:15-16*

### Kristosii Wajjin Du'anii Isaa Wajjin Jiraachuu

20 Kristosii wajjin taatanii hafuurota bantii waaqaa keessaa biyya lafaa
kana irratti humna qabu jedhamanii
sodaataman jalaa erga duutanii immoo,
maaliif akka waan amma iyyuu kan
biyya lafaa taataniitti jiraattu ree?
Maaliifis seerrata isaanii jala of galchitu ree*? 21 "Kana harkaan hin qabin,

sana afaaniin hin qabin, isa kaanis hin tuqin!" in jedhu*. 22 Wanti kun hundinuu immoo ittiin hojjetamanii akka dhumaa adeemaniif hin turree ree! Akka ajaja namaa fi akka barsiisa namaattis dubbatame mitii ree*? 23 Seerratoonni akkasii waaqessuu addaan ba'e irra kaa'uu isaaniitiin waan gad deebisan fakkaachuu isaaniitiin, dhagnatti hammaachuu isaaniitiin wanta ogummaa irra dhaabatan in fakkaatu; garuu gara waan gatii qabuutti utuu hin ta'in, gara hawwa foonii raawwachuutti nama in geessu*.

**20 Gal 4:3,9-10*
**21 1Xim 4:3; Lew 5:2*
**22 Isa 29:13; Mat 15:9*
**23 Rom 13:14; 1Xim 4:3,8*

### Yaada Garaa Ofii Wanta Waaqa Irra Jirutti Hidhachuu

3 1 Egaa Kristosii wajjin du'aa erga kaafamtanii, wanta waaqa keessaa, iddoo Kristos gara mirga Waaqayyoo taa'ee jirutti barbaadaa*! 2 Yaada garaa keessanii wanta waaqa irra jirutti hidhaa malee, wanta lafa irra jirutti hin hidhinaa*! 3 Isin duutaniittu; jireenyi keessan Kristosii wajjin Waaqayyo keessa dhokateera*. 4 Kristos iuni jireenya nuuf ta'e yommuu mul'atu isinis immoo isaa wajjin ulfinaan mul'achuuf jirtu*.

**1 2:12-13; Ibr 12:2; Far 110:1*
**2 Mat 6:33*
**3 Rom 6:2,11*
**4 1Qor 15:42-44; 1Phe 4:13*

### Waa'ee Jireenya Isa Moofaatii Fi Isa Haaraa Dubbachuu Isaa

5 Egaa yaada keessan wanta lafa irra jirutti isa hidhu, halalummaa fi xuraa'ummaa, kajeellaa fi hawwa hamaa, sassata isa waaqayyolii tolfaman waaqessuutti lakkaa'amus, of keessaa ajjeesaa*. 6 Sababii wanta kana hundumaatiif dheekkamsi Waaqayyoo [warra isaaf hin abboomamne irratti] in dhufa*. 7 Namoota waan akkasii hojjetan gidduu yommuu jiraattan isinis immoo yeroo sana akkasumatti deddeebi'aa turtan*. 8 Amma garuu isin dheekkamsa, aarii, hammina, maqaa walii balleessuus hundumaa of irraa fageessaa! Dubbiin nama yeellaasisus afaan keessan keessaa hin ba'in*! 9 Soba walitti hin dubbatinaa! Namummaa moofaa hojii isaa hundumaa wajjin of irraa baaftaniittu*. 10 Namummaa haaraas uffattaniittu; inni hubannaa isa akka fakkaattii isaatti isa uume bira ga'uudhaaf yeroo hundumaa haareffamuutti jira*. 11 Egaa si'achi Griikii fi Yihudii, nama dhagna qabatee fi nama dhagna hin qabatin, wallaalaa, isa jireenya isaa hin qajeelfatin, garba, birmadu jechuun hin jiru; Kristos garuu hundumaaf jira, inni nama hundumaaf waan hundumaa ti*.

**5 Rom 6:6; 7:23; Efe 4:19; 5:3,5*
**6 Efe 5:6*
**7 Efe 2:1-3; Tit 3:3*
**8 Efe 4:29-31; 5:4; Yaq 1:21*
**9 Efe 4:22-25*
**10 Efe 4:24; Uma 1:27*
**11 Gal 3:28*

12 Isin warra fo'aman, warra Waaqayyoof qulqullaa'an, warra jaallatamanis erga taatanii, araara garaa keessaa dhufu, gaarummaa, gad of deebisuu, garraamummaa obsas akka uffataatti uffadhaatii keessa jiraadhaa*! 13 Waliif danda'aa, namni tokko isa kaan yoo komate waliif dhiisaa; gooftaan akkuma isiniif dhiise, isinis immoo waliif dhiisaa*! 14 Isaan kana hundumaa irrattis jaalala isa wanta hundumaa raawwatamaa godhee walitti hidhu qabaadhaa*! 15 Nagaan Kristos, iuni isin dhagna tokko ta'uudhaaf itti waamamtan, garaa keessan keessatti haa mo'u; warra galata galchanis ta'aa*! 16 Dubbiin Kristos akka badhaadhummaa isaatti isin keessa haa jiraatu; ogummaa hundumaan wal barsiisaa, wal gorsaas. Qooqa garaa garaatiin, faarfannaa galataatiin, weedduu hafuuraatiinis galata garaa keessanii Waaqayyoof faarfadhaa*! 17 Dubbiidhaan yookiis gochaadhaan waanumti isin hojjettan hundinuu maqaa gooftaa Yesusiin haa ta'u; isumaanis Waaqayyo abbaadhaaf galata dhi'eessaa*!

**12 1Phe 2:9*
**13 Mat 6:14; Efe 4:2,32; 5:2*
**14 Rom 13:8,10; 1Phe 4:8*
**15 1Qor 12:13,27; Efe 4:3-4; Filp 4:7*
**16 Efe 5:19; 1Qor 14:26*
**17 1Qor 10:31; Efe 5:20*

### Jireenya Haaraa Keessatti Akka Itti Walii Wajjin Jiraatan Gorsuu Isaa

18 Gooftaa duratti fudhatamaa akka ta'utti, haati manaa abbaa manaa



isheetiif haa abboomamtu*! 19 Atis abbaan manaa, haadha manaa kee jaalladhu, ittis hin hammaatin*!

**18 Efe 5:22; 1Phe 3:1*
**19 Efe 5:25; 1Phe 3:7*

20 Ijoollee! Waan hundumaatti abboota keessanii fi haadhota keessaniif abboomamaa! Kun gooftaatti in tola*. 21 Isin immoo abboota nana! Yaadni isaanii akka hin badnetti ijoollee keessan tuttuqxanii hin aarsinaa*!

**20 Efe 6:1*
**21 Efe 6:4*

22 Isin warri garbummaa jala jirtan! Biyya lafaa kana irratti warra isin hojjechiifataniif akka isa nama gammachiisuuf ija ilaallattanii hojjettaniitti utuu hin ta'in, gooftaa sodaachaa garaa qulqulluudhaan abboomamaa! 23 Waanuma gootan hundumaa namaaf utuu hin ta'in akka waan gooftaadhaaf hojjettaniitti garaa guutuudhaan hojjedhaa! 24 Isin Kristos gooftaadhaaf waan hojjettaniif, isa gooftaan ijoollee isaatiif qopheesse akka gatiitti isa biraa akka argattan beekaa! 25 Namni balleessaa hojjetu balleessaa isa hojjetu sanaaf gatii isaa in argata; nama wal caalchisuun immoo isa bira hin jiru*.

**22-25 Efe 6:5-6*
**25 Kes 10:17; Rom 2:11; Efe 6:9*

### Gorsa Garaa Garaa Kennuu Isaa

4 1 Isin warri gooftummaadhaan nama hojjechiifattan ofii keessaniifis waaqa irraa gooftaa akka qabdan beekaatii, qabaa qajeelaadhaan warra garbummaadhaan isin jalatti hojjetaniif waan isaaniif ta'u godhaaf*!

**1 Lew 25:43,53; Efe 6:9*

2 Garaa galateeffatuu fi yaada dammaqaadhaan kadhatatti cimaatii itti fufaa*! 3 Nuyis dhoksaa Kristos isa ani amma waa'ee isaatiif hidhamee jiru himuudhaaf Waaqayyo karaa dubbichaa akka nuuf banuuf nuuf kadhadhaa*! 4 Akka dubbachuun anaaf ta'utti dhoksaa kana mul'isee dubbachuudhaaf anaaf kadhadhaa!

**2 Rom 12:12; Efe 6:18-20; 1Tas 5:17; Filp 4:6*
**3 Rom 15:30; 1Qor 16:9; Efe 6:19; 2Tas 3:1*

5 Yeroo isiniif kenname utuu hin dabarsin itti hojjechuudhaan, namoota waldaa kristiyaanaa keessa hin jirree wajjin akka itti jiraattan ogummaadhaan amaleeffadhaa*!

**5 Efe 5:15-16; 1Tas 4:12*

6 Haasaan keessan yeroo hundumaa gurratti kan tolu, akka soogiddaas miyaa'aa haa ta'u; namaaf immoo addduma addaan deebii isaaf deebisuun ta'u beekaa*!

**6 Efe 4:29; Mar 9:50*

### Gara Dhumaatti Nagaa Dhaamuu Isaa

7 Xikiqoos obboleessi jaallatamaan hojii keessattis hidhati amanamaan, waa'ee koo hundumaa isinitti himuuf jira*. 8 Nuyi hundumti keenya attamitti akka jirru isinitti himee garaa keessan akka jajjabeessuuf, ani gara keessanitti isa ergeera. 9 Oneesimos obboleessi amanamaanii fi jaallatamaan isin keessaa tokko inni ta'e isaa wajjin in dhufa; isaan waan asitti ta'e tokko tokkoon isinitti in himu*.

**7 Efe 6:21-22; HoE 20:4*
**9 Film la 10*

10 Arisxaarkos inni anaa wajjin bidhamee jiru nagaa isiniif in dhaama. Maarqos inni durbiin Baarnaabaas akkasuma nagaa isiniif in dhaama. Waa'ee Maarqos kanaan dura dhaamsi isin ga'eera; inni gara keessan yommuu dhufu simadhaa*! 11 Yoshu'aan inni Yusxos jedhamus nagaa isiniif in erga; warra seera dhagna-qabaa eegan keessaa isaan kana kophaatu mootummaa Waaqayyootiif anaa wajjin hojjeta; isaan immoo guddaa na jajjabeessan. 12 Ephafraas hojjetaan Kristos Yesus inni isin keessaa tokko ta'e nagaa isiniif in erga; isin namoota ga'an taatanii wanta Waaqayyo jaallatu jaallachuudhaanis guutamtanii jabaattanii akka dhaabattaniif, inni kadhata isaatiin yeroo hundumaa isiniif in dhama'a*. 13 Inni isinii fi warra Laa'odiiqeyaaf warra Heraapholisiif hojjechuutti jabeessee akka dadhabe ani dhugaa nan ba'aaf*. 14 Luqaas ogeessi qorichaa inni jaallatamaan Dcemaasis nagaa isiniif in dhaamu*.

**10 HoE 27:2; 12:12,25; 2Xim 4:11; Film la 24*
**12 1:7; Film la 23*
**13 2:1; Mul 3:14*
**14 2Xim 4:10-11; Film la 24*

15 Obboloota Laa'odiiqeyaatti aadde Niimfaatti, waldaa mana isheetti walitti qabamuttis nagaa keenya nuuf himaa! 16 Ergaan kun isin gidduutti erga dubbifamee booddee waldaa Laa'odiiqeyaattis akka dubbifamu godhaa! Ergaa isa waldaa Laa'odiiqeyaatti ergame immoo isin dubbifachuun isin irra jira. 17 Arkiphosiin immoo, "Hojicha isa karaa gooftaa fudhatte sana akka raawwattu godhi!" jedhaa*!

**17 Film la 2*

18 Ani Phaawulos nagaa kana harka kootiinan isiniif caafa; funyoo sibiilaatiin hidhamuu koo yaadadhaa!

Ayyaanni Waaqayyoo isinii wajjin haa ta'u*!

**18 1Qor 16:21; Gal 6:11; 2Tas 3:17; Ibr 13:3*

Ergaa Phaawulos

# Gara Warra Tasaloniiqeetti Erge

Isa Duraa

### Nagaa

1 1 Phaawulos, Silwaanosii fi Ximotewos biraa, gara waldaa warra Tasaloniiqce isa kan Waaqayyoo abbaa fi kan gooftaa Yesus Kristositti caafame.

Ayyaannii fi nagaan isiniif baa ta'u*!

**1 HoE 15:40; 17:1,10; 2Tas 1:1*

### Jireenyaa Fi Amantii Warra Tasalonliqee

2 Nuyi kadhata keenya keessatti maqaa keessan dhoofnee, yeroo hundumaa waa'ee hunduma keessaniif Waaqayyoon in galateeffanna*. 3 Fuula Waaqayyo keenyaa fi abbaa keenyaa duratti hojii amantii keessanii, jaalalaaf dadhabuu keessan, gooftaa keenya Yesus Kristosin abdachuutti jabaachuu keessanis in yaadanna*. 4 Obboloota nana! Waaqayyo akka isin jaallate akka isin fo'ates nuyi in beekna*. 5 Wangeelli nuyi isiniif lallabne bumnaan, bafuura qulqulluudhaan akkasumas amansiisa guutuudhaan malee, sagalee duwwaadhaan gara keessan hin dhufne; nuyi immoo sababii keessaniif namoota attamii taanee akka isin gidduu turre in beektu*. 6 Isinis fakkeenya keenyaa fi fakkeenya gooftaa duukaa buutaniittu; yoo baay'ee rakkattan iyyuu, gammachuu bafuura qulqulluu biraa dhufuun dubbicha fudhattaniittu*. 7 Kanaan isinis amantoota warra Maqedooniyaa fi, warra Akaayyaa hundumaaf fakkeenya taatan*. 8 Dubbiin gooftaa inni isin biraa ka'c Maqedooniyaa fi Akaayyaa duwwaatti dhaga'ame miti; amantiin isin Waaqayyotti qabdan iddoo halletti ba'ee barameera; waa'ee kanaafis waan jechuun nu barbaachisu tokko illee hin jiru*. 9 Nuyi attamitti akka isin gidduutti simatamne isinis Waaqayyo isa jiraataa fi isa dhugaadhaaf hojjechuuf attamitti waaqayyolii tolfaman irraa gara Waaqayyootti akka deebitan isaan ofuma isaaniitii iyyuu in himu*. 10 Deebi'uun keessanis ilma isaa isa waaqa irraa dhufu, isa inni warra du'an keessaa kaase Yesus isa dheekkamsa dhufu jalaa nu oolchu eeggachuudhaaf*.

**2 2Tas 1:3,11*
**3 1Qor 13:13; Qol 1:4-5*
**4 2Tas 2:13*
**5 2:13; 1Qor 2:4-5*
**6 HoE 17:5-9; 1Qor 11:1; 2Tas 3:7,9*
**7 4:10; 1Phe 5:3*
**8 Rom 1:8*
**9 2:1; HoE 14:15; 1Qor 12:2*
**10 4:16; 5:9; Rom 5:9; Tit 2:13; HoE 17:31*

### Mandara Sanatti Maal Akka Hojjete Yaadachiisuu Isaa

2 1 Obboloota nana! Isin bira dhufuun keenya utuu waa'ee hin baasin akka hin bafne isin ofii keessanii



iyyuu gaarii gootanii in beektu*. 2 Isin bira utuu hin dhufin Filiphisiiyusitti akka dhiphanne, namoonni akka nutti darbanis in beektu. Isin biraas warri nuun morman utuma baay'atanii iyyuu, wangeela isaa akka isinitti himnuuf Waaqayyo keenya ija jabina nuuf kenneera*. 3 Wanti nuyi isin gorsinu jal'ina keessaa, xuraa'ummaa keessaas hin baane; haxxummaas hin qabu*. 4 Akka isa Waaqayyo qoree nu ilaalee, wangeela hadaraa nutti kenneetti in dubbanna; namoota utuu hin ta'in, Waaqayyoon isa garaa keenya qoree ilaalu gammachiisuudhaaf in dhamaana*. 5 Nuyi isin biratti warra dubbii itti kuulan, warra ittiin qabanii nu ga'a jechuu dadhabuu isaanii dhokfatan akka hin ta'in ba'eessa gootanii in beektu; kanas Waaqayyo in beeka*. 6 Nuyi isin irraas yoo ta'e warra kaan irraas yoo ta'e namoota irraa ulfina hin barbaanne*. 7 Nuyi akka ergamoota Kristositti ulfaatoo ta'uu utuma dandeenyuu, akka haadha ijoollee ishee ofitti qabduutti isin gidduu jiraanne. 8 Firoomaaf baay'ifnee isin in yaadna; sababii isin jaallannuuf wangeela Waaqayyoo duwwaa utuu hin ta'in, lubbuu keenyas immoo isiniin ga'uun nutti in tola. 9 Obboloota nana! Hojiitti isiniif dadhabuu keenya in yaadattu; nuyi isin keessaa nama tokkotti illee ba'aa akka hin taaneef halkanii fi guyyaa waan nu barbaachisuuf hojjechaa, wangeela Waaqayyoo isinitti lallabne*.

**1 1:5,9*
**2 HoE 16:19-24; 17:1-9*
**3 2Qor 2:17*
**4 1Xim 1:11; Gal 1:10*
**5 Mar 12:40; HoE 20:33; 2Qor 4:2*
**6 Yoh 5:41,44*
**9 HoE 18:3; 20:34; 1Qor 4:12; 2Tas 3:8*

10 Isin warra amantaniif nuyi qullaa'ota, qajeelota, mudaa malees akka taane isin dhugaa nuuf baatu, Waaqayyos immoo dhugaa nuuf ba'a. 11 Nus tokkon tokkon keessan akka abbaan itti ijoollee isaa ilaalutti isin ilaaluu keenya gaarii gootanii in beektu*. 12 Waaqayyo isa mootummaa isaatii fi ulfina isaatti isin waame sanaaf akka ta'utti akka jiraattaniif isin in gorsina isin in jajjabcessina, dhugaas isinitti in baana*.

**11 1Qor 4:14-15*
**12 Efe 4:1; Filp 1:27*

### Amantii Isaanii Fi Obsa Isaanil Himuu Isaa

13 Dubbii Waaqayyoo isa nuyi lallabnu yeroo argattan, akka dubbii namaatti utuu hin ta'in akka dubbii Waaqayyootti fudhattaniittu; innoo, dhuguma dubbii Waaqayyoo ti. Waaqayyos isin warra amantan keessatti in hojjeta; kana hundumaaf ittuma fufnee Waaqayyoon in galateeffanna*. 14 Obboloota nana! Isin faana warra biyya Yihudaa keessaa karaa Kristos Yesus waldoota Waaqayyoo ta'anii duukaa buutaniittu; akkuma isaan harka warra Yihudootaatti dhiphatan isinis harka warra biyya keessaniitti dhipbattaniittu*. 15 Warri Yihudootaa goofticha Yesusin, raajotas in ajjeesan, nus in ari'atan; Waaqayyoon hin gammachiisan nama hundumaa wajjinis waliif hin galan*. 16 Warri saba Waaqayyoo hin ta'in akka fayyaniif nuyi in lallabna; isaan immoo safara cubbuu isa yeroo hundumaa hojjetan guuttachuudhaaf, akka hin lallabneef nu dhowwu. Gara dhumaatti dheekkamsi Waaqayyoo ammuma iyyuu isaan irratti dhufeera*.

**13 1:2-6; Gal 1:11-12*
**14 HoE 17:5,13*
**15 Mat 5:12; 23:37; HoE 2:23; 3:15; 7:52; 9:23,29; 13:45,50; 14:2,5,19; 17:5,13; 18:12*
**16 Mat 23:32-33*

### Deebi'ee Isaan Ilaaluudhaaf Hawwa Akka Qabu Dubbachuu Isaa

17 Obboloota nana! Garaan keenya wal bira yoo jiraate iyyuu, yeroodhaaf fuula fuulaan wal arguu dhabnee erga gargar baafamnee, nuyi fuula keessan arguudhaaf hawwa guddaadhaan caalchifnee dhamaane. 18 Kanaaf dhufnee isin ilaaluu barbaanne; ani Phaawulos addumaan dcddeebi'ee yaaleera, Scexanni garuu nu ittise. 19 Abdiin keenya, gammachuun keenya, gonfoon nuyi dhufa gooftaa keenyaa Yesusitti ittiin isa dura dhaabannee, of jajaunu isin malee eenyu ree*? 20 Isin dhuguma ulfina keenya, gammachuu keenyas.

**19 2Qor 1:14; Filp 2:16; 4:1; 2Tas 1:4*